# XIINXALA RAKKINA QUBEESSUU JECHOOTA AFAAN OROMOO BARATTOOTA MANA BARUMSAA SAD.2^FFAA^SHANOO KUTAA 10^FFAA^ AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI BARATAN

**DARRIBEE AYYALAA HAYILAMAARAM**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA RAKKINA QUBEESSUU JECHOOTA AFAAN OROMOO BARATTOOTA MANA BARUMSAA SAD.2^FFAA^SHANOO KUTAA 10^FFAA^ AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI BARATAN

**DARRIBEE AYYALAA HAYILAMAARAM**

**GORSAAN: TOLAMAARAM FUFAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA QORANNOO DIGRII DURAATIIN BOODDEE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi ogbarruun gamisaan guuttachuuf Darribee Ayyalaa Hayilamaaramiin, mata duree 'Xiinxala Rakkina Jechoota Afaan Oromoo Qubeessuu Barattoota Mana Barumsa Sad. 2ffaa Shanoo Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffaatti Baratan' jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutee jira.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa____________________Mallattoo___________Guyyaa ________________

Qoraa keessaa_________________Mallattoo___________Guyyaa______________

Gorsaa_______________________Mallattoo___________Guyyaa____________

---

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digrii Lammaffaa

# Axareera

*Kaayyoon qorannoo kanaa rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoota Mana Barumsa Sada. 2ffaa Shanoo kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf, qoratichi malleen qorannoo itti fayyadame mala makaa jechuuns mala akkamtaa fi mala hammamtaati fayyadameera. Akkasumas, qorannoo kana keessatti meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman kan akka bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa daree, qormaataa fi dookumantii sakattaa'uun hojiirra oolanii jiru. Gaaffileen brgaaffiifi af-gaaffii barsiisota jahaaf dhiyaatanii jiru. Meeshaalee kanneenitti fayyadamuun odeeffannoowwan qaamota adda addaa irraa erga funaanamanii gaaffiiwwan bar-gaaffii ta'an gabateetti fayyadamuudhan dhibbeentaatti jijjiiramanii qaacceffamanii hiikni jechaan itti laatamee jira. Achumaan odeeffannoowwan jiran hundi cuunffamanii cuunfaa jalatti kaa'amanii jiru. Argannoowwan qorannoo kanaa keessaa muraasni: barattoonni Mana Barumsa sad. 2 ffaa Shanoo Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan dandeettiin isaan jechoota Afaan Oromoo qubeessurratti qaban gadaanaa ta'uu isaa; barattoonni jechoota Afaan Oromoo adda addaa barreessuun shaakala gochuu dhiisuun isaanii; hanqina qubeessuu barattootaa fooyyessuuf barsiisonni deeggarsa kan hin gooneef ta'uu isaaniti. Argannoowwan kanneen irraa ka'uun yaadonni furmaataa qorannoo kana keessatti eeraman keessaa muraasni: barsiisonni barattoota jechoota Afaan Oromoo qubeessuurratti dandeettii gadaanaa qaban addaan baasuun kophaatti barumsa tuutooriyaalii osoo kennaniifii gaariidha; barattoonni hanqina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo qaban akka fooyyeffatan barsiisonni deeggarsa osoo taasisaniifii gaariidha kan jedhamani.*

# Galata

Jalqaba irratti, yeroo hundumaa fuula ifaan na simachuun, yaada koo naa sirreessuun, adeemsa qorannoo natti agarsiisuun yeroo isaa gumaacha godhee qorannoon kun sadarkaa kana irra akka gahu kan na jajjabeessee fi gorsa ogummaa naa keennuun kan na gargaare gorsaa koo Tolamaaram Fufaa (PhD) baay'iseen galateeffadha.

Kana malees, barreeffama qorannoo kana irratti yaada bilchaataa kennuudhaan kan na jajjabeessan hiriyoota koo barsiisaa Geeraawarq Yeemaanaabirhaan, barsiisaa Taadiyoos Tiraamoo, barsiisaa Shaanbal Waaqjiraa fi barsiisaa Tasfaayee Kaappitaanoo guddiseen galateeffadha.

Itti dabalees, jalqaba irraa kaasee sadarkaa kana irra akkan gahu na maddii dhaabbachuudhaan yaadaa fi hamilee gaarii naa kennuun kan na jajjabeessaa turan, haadha manaa koo Aaddee Immabeet Nadhii, obbolaawwanii fi obboleettiwwan koo, hiriyaa koo Yeeneenaa Habtee (PhD) galanni koo isin haa gahun jedha.

Akkasumas, yeroo boqonnaa isaa mara gumaacha gochuun hojii barreeffamaa kana kompiitaraan naaf barreessee jalqabaa hanga dhumaatti kan naaf gulaale barsiisaa Geetuu Taammiruu galanni ani siif qabu ol'aanadha.

Dhumarrattis, hojii qorannoo kanaatif meeshaalee barreeffamatiin kan na deeggaranii fi gumaacha gama hundaan kan naaf taasisan barsiistuu Yeeniyyee Warquu fi daariktaroota Mana Barumsa Sad. 2ffaa Shanoo galanni ani siif qabu baay'ee guddaadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axareera ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ vi

Hiika Gabaajeewwanii ........ viii

QONNAA TOKKO ........ 1

1 Seensa ........ 1

1.1 Seenduuba Qorannichaa........ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa........ 2

1.3 Kaayyoo Qorannichaa........ 3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 3

1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 3

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa........ 3

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 4

1.6 Hanqina Qorannichaa........ 4

1.7 Qindaa’ina Qorannichaa ........ 5

BOQONNAA LAMA ........ 6

2 Sakatta’a Barruu........ 6

2.1 Maalummaa Qubeessuu ........ 6

2.2 Faayidaa Qubeessuu........ 7

2.3 Maalummaa Dogoggora Qubeessuu ........ 8

2.4 Maddoota Dogoggora Qubeessuu Afaan Oromoo Keessatti ........ 9

2.4.1 Irra Butaa Seeraan Fayyadamuu Dhabuu........ 9

2.4.2 Hudhaa Iddoo Maleetti Fayyadamuu ........ 10

2.4.3 Sagalee Jabaafi Laafaa Iddoo Maleetti Fayyadamuu ........ 11

2.4.4 Sagalee Dheeraafi Gabaabaa Seeraan Fayyadamuu Dhabuu ........ 12

2.4.5 Qub-guddeessa Iddoo Maleetti Fayyadamuu........ 13

2.4.6 Sirna Tuqaalee Seeraan Fayyadamuu Dhiisuu........ 14

2.4.6.1 Qooddutti Dogoggoraan Fayyadamuu ........ 14

2.4.6.2 Jecha Birsaga Irratti Addaan Qooduu Dhiisuu ..... 15
2.5 Tooftaalee Dogoggora Qubeessuu Sirreessuf Gargaaran ..... 15
2.6 Sakatta'a Barruu Wal Fakkii ..... 16
BOQONNAA SADI ..... 17
3. Saxaxaafi Mala Qorannichaa ..... 17
3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 17
3.2 Madda Ragaalee ..... 17
3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu ..... 17
3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman ..... 17
3.4.1 Bar-gaaffii ..... 18
3.4.2 Af-gaaffii ..... 18
3.4.3 Daawwannaa Daree ..... 18
3.4.4 Qormaata ..... 19
3.4.5 Dookumeentii Sakatta'uu ..... 20
3.5 Mala Qaaccessa Ragaa ..... 20
BOQONNAA AFUR ..... 21
4. Qaaccessaafi Hiika Ragaalee ..... 21
4.1. Qaaccessa Ragaalee Bar-gaaffii Barsiisotaa ..... 21
Gabatee 1: Sababoota hanqina qubeessuu barattootaa irratti yaada jiru ..... 21
Gabatee 2: Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoota barsiisuuf sochii barsiisaa. ..... 23
Gabatee 3: Adeemsa baruu barsiisuu keessatti fedhii barattoonni Afaan Oromoo barachuu irratti qaba. ..... 25
Gabatee 4: Dogoggora qubeessuu barattootaa sirreessuuf sochii barsiisaa ..... 27
Gabatee 5: Barnoota Afaan Oromoo keessatti Dogoggoraan Barreessuun Dhiibbaa Barattootarratti geessise ..... 28
4.2. Qaaccessa Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa ..... 29
4.3. Qaacessa Qormaataa fi Qabxii Barattootaa ..... 32
4.3.1. Qaaccessa Qormaata Jechoota Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa ..... 32
4.3.1.1. Jechoota Barattoonni Qubeessuu irratti dogoggoraniifi Kan Sirriitti Qubeeffaman Waliin ..... 32
Gabatee 6: Jechoota Barattoonni Qubeessuu irratti dogoggoraniifi Kan Sirriitti Qubeeffaman Waliin ..... 32
4.3.1.2. Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta'een Qubeeffaman Waliin ..... 33

Gabatee 7: Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan Qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta'een Qubeeffaman Waliin (Barataaa 3 ffaa) ..... 33

Gabatee 8: Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta'een Qubeeffaman Waliin (Barataaa 4 ffaa) ..... 34

4.3.2. Qaaccessa Qormaata Himoota Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa ..... 35

4.3.2.1. Himoota barattootaan dogoggoraan barreeffaman ..... 35

4.3.3. Qaaccessa Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa ..... 38

4.3.3.1. Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa (Barataa 1ffaa) ..... 38

4.3.3.2. Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa (Barataa 2ffaa) ..... 38

4.3.3.3. Keeyyata Sirreeffamee Barreeffame ..... 39

4.4. Qabxii Qormaata Barattootaa ..... 39

4.4.1 Qabxii Qormaata Barattootaa Kan Marsaa Sadii ..... 39

Gabatee 9: Qabxii Qormaata Barattootaa Kan Marsaa Sadii ..... 39

4.4.1.1. Qaaccessa Qabxii Qormaata Barattootaa ..... 41

Gabatee 10: Qaaccessa Qabxii Qormaata Barattootaa ..... 41

4.5. Dookumantii Sakatta'uu ..... 42

BOQONNAA SHAN ..... 43

5. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ..... 43

5.1 Cuunfaa ..... 43

5.2 Yaboo ..... 44

Wabiilee ..... 45

Dabalee A ..... 48

Dabalee B ..... 51

Dabalee C ..... 52

**Jibsoo**

| | |
|---|---|
| Afaan oromoo | Afaan Oromoo |
| Burjaaja’uu ……………… | Jeeqamuu/raafamuu |
| Danqaa …………………… | Gufuu |
| Fedhuu …………………… | Hawwuu |
| Saaxiluu ………………… | Ifa baasuu |
| Xiyyeeffannoo …………… | Hubannoo |
| Qabatamaa ……………… | Haqa |
| Qooqa …………………… | Afaan |
| Caacculee ………………… | Miseensota |
| Otoo ……………………… | Osoo |
| Maal na dhibee…………… | Xiyyeeffachuu dhiisuu |
| Unka ……………………… | Foormii |
| Maquu …………………… | Karaa irraa goruu |
| Adda addummaa ………… | garaagarummaa |
| Tasa ……………………… | Ta’innaa |
| Gonkummaa ……………… | Siriittuu |
| Yaad-deebii ……………… | Duub-deebii |
| Calaqqisiisuu ……………… | Agarsiisuu |
| Hundee …………………… | Bu’uura |
| Dagaagfachuu …………… | Guddifachuu |
| Waliin marii ……………… | Waliin dubbii |
| Kallattii …………………… | Karaa/ fuula fuulatti |
| Waldiddaa ……………… | Waliin deemuu dhabuu |
| Odeef-kennitoota ………… | .Deebii deebistoota |

| | |
|---|---|
| Akkamtaa …………………… | Waan tokko jechaan ibsuu |
| Hammamtaa ……………………… | .waan tokko lakkoofsan ibsuu |
| Wal keessa ………………………… | Wal makaa |
| Iddattoo …………………………… | Samuuda |
| Hanqina …………………………… | Rakkina |
| Qaaccessa ragaa ………………… | Xiinxala ragaa |
| Daangaa …………………………… | Timjii |
| Sakatta’a barruu …………………… | Barreeffama firoominaa |
| Cuunfaa …………………………… | Ija dubbii |
| Leecalloo ………………………… | Meeshaalee barreessaa |
| Yaboo …………………………… | Yaada furmaataa |
| Gaaffilee bu’uraa ………………… | .Gaaffilee ijoo |
| Dabalee …………………………… | Maxxantuu |

**Hiika Gabaajeewwanii**

Sad. = Sadarkaa

Ykn. = Yookiin/yookaan

A.L.I = Akka Lakkoofsa Itoophiyaa

Dhi. = Dhiira

Du. = Dubartii

Ida. = Ida’ama

Fkn. = Fakkeenya

# QONNAA TOKKO

## 1 Seensa

### 1.1 Seenduuba Qorannichaa

Afaan miseensonni hawaasa tokkoo kan wal-deeggaraniifi ittiin walii galan akka tasaa kan uumame qaamolee dubbiin dhalli namaa mallattoolee irratti waliigalteen kan fayyadamuufi sirna qabeessaadha (Beekan, 2015:1).

Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, afaan miseensi hawaasa tokkoo kan ittiin walii galan , akka tasaa kan uumameefi qaamolee dubbiin dhalli namaa mallattoolee irratti waliigaleen kan fayyadamuufi kan seera qabeessa ta'e ta'uusaati.

Beekan (2015) Addunyaa(2010:2) wabeeffachuun waa'ee afaanii yoo ibsu, "Afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti. Afaan baattuu aadaati, " jechuun kaa'a. yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkoofi baattuu aadaa hawaasa sanaa ta'uusaati.

Barreessuun dandeettiwwan afaanii afran, jechuunis dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu keessaa isa tokkoodha. Dubbisuufi barreessuun kan barataman akka dhaggeeffachuufi dubbachuu osoo hin ta'in itti yaadamee sagantaadhaan mana barumsaatti kan barataniidha. Ta'us dandeettii barreessuu cimsuun dandeettiwwan kanneen biro caalaa ulfaatadha. Yaada kana ilaalchisee Nuunan David (1989:165) yoo ibsu, "Dandeettiwwan afaanii afran keessaa barreessuu cimsachuun ulfaataa akka ta'e ibsa. Innis, seera wal xaxaa akka qubeessuu, sirna tuqaalee fi galumsa jechootaa eeganii barreessuun nama rakkisa, " jedha.

Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, dandeettiwwan afaanii keessaa barreessuun isa cimaa ta'uu isaatiifi adeemsa wal xaxaa kan akka qubee sirriitti fayyadamuu, seer-lugaa fi qindoomina jechootaa eeganii barreessuu kan gaafatu ta'uu isaati. Barreeffama tokko barreessuu keessatti, wantoonni dhaamsa darbuuf barbaadame tokko ifa gochuuf gahee qaban hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka qubeessuu, qub-guddeessa fi itti fayyadama sirna tuqaalee eeruun ni danda'ama.Waa'ee qubeessuu ilaalchisee Crystal (1987:179-180) yemmuu ibsu, "Afaan barreeffamaa amaloota hedduu akka qub-guddeessaa, sirna tuqaalee, haala qindaa'inaa fi miidhaginaa, k.k.f. of keessaa qaba."

Afaan barreeffamaa wantoota of keessaa qabaachuu qabu keessaakanneen akka qub-guddeessaa, qubeessuu, sirna tuqaalee fi kkfhammachuu isaa yaada hayyuu armaan olii irraa hubachuun ni danda’ama

Namoonni afaan tokkoffaafis ta’ee warreen afaan lammaffaatiif akkaataa qubeessuu (spelling) afaanichaa sirriitti dhuunfachuun qulqullinaan barreessuuf ni rakkatu (Byrne, 1988:15). Haaluma kanaan qorannoon kun rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattoota Mana Barumsa Sad. $2^{ffaa}$ Shanoo kutaa 10 $^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaluf kan adeemsifameedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa irratti qorannoo kana gaggeessuuf qoraticha kan kakaase barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan jechoota Afaan Oromoo seeran qubeessuu irratti hir’ina ykn hanqina guddaa waan qabaniifi. Kunis yeroo qormaata fudhatan (qoraman) maqaa isaanii seeran hin barreessan, akkasumas gaaffilee deebii gabaabaa barbaadanii yoo deebisan deebiin isaan kennan dogoggora qubeessuu qaba.

Haaluma kanaan, rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattoota Mana Barumsa Sad. $2^{ffaa}$ Shanoo kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti qorannoo gaggeessuudhaan yaada furmaataa kaa’un barbaachisaa ta’ee argamee jira. Rakkinni kun akkuma jirutti yoo itti fufe garuu barattoonni kunniin jechoota Afaan Oromoo yoo seeran hin qubeessine waan barreessan sana dubbisanii hubachuun isaan rakkisa.

Rakkinni qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoota Afaan Oromoo akka afaan jalqabaatti barataa birattis kan mul’atuudha. Afaan Oromoo akka dubbatamutti barreeffama waan ta’eef, hir’ifamuu ykn dabalamuun qubeetokkoo seera afaanichaatiin ala mul’atu ergaa barreeffamaa jijjiiruu yookin hiikaa dhabeessa taasisuu danda’a.

Kana irraa ka’uun rakkoo qubeessuu barattoonni qaban kanaaf sababa isaa qoratichi qoratee yaada furmaataa kaa’uuf mata duree kana filatee qorannoo kana adeemsisee jira.

Haaluma kanaan, qorannoon adeemsifame kunisgaaffilee bu’uraa armaan gaditti dhiyaataniif deebii kennuu irratti xiyyeeffata.

1. Dandeettiin qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa maal fakkaata?
2. Sababni rakkoo qubeessuu barattootaa maali?
3. Dogoggoraan barreessun dhiibbaan barattoota irratti geessise maali?
4. Fedhiin barattoonni barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban hangami?
5. Rakkinni qubeeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa akkamiin fooyyeffama?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoota Mana Barumsa Sad. 2^ffaa^ Shanoo kutaa 10 ^ffaa^ Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaludha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa:

1. Dandeettiin qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa addaan baasuu.
2. Wantoota rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaaf sababa ta'an tarreessuu.
3. Dogoggoraan qubeessuun dhiibbawwan inni barattoota irratti fiduu danda'u ibsuu.
4. Barattoonni fedhii barnoota Afaan Oromoo barachuu akka horatan jajjabeessuu.
5. Rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa fooyyessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon Kun bu'aawwan armaan gadii ni kenna jedhamee eegama.

a. Namoonni sirna barnootaa qopheessaniifi mata-duricharratti qorannoo wal fakkaatu gaggeessuu barbaadan akka ka'umsaatti itti fayyadamu.
b. Barsiisonni odeeffannoowwan barbaachisan argachuun barattoota rakkina qubeessuu qaban akka gargaaran karaa saaqaf.
c. Barattoonni rakkina qubeessuu jechoota Afdaan Oromoo akka fooyyeffatan kallattii itti agarsiisa.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qoratichi rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaa irratti bal'inaan qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'uu isaa ni amana. Haa ta'u malee, rakkina yeroo, qarshii fi leecalloo irraa kan ka'e qorannoon kun kan gaggeeffame Mootummaa Naannoo Oromiyaatti, Godiina Shawwa Kaabaa, Aanaa Qimbibiititti, Mana Barumsa Sad. 2ffaa Shanoo: mata-duree xiinxala Rakkina Jechoota Afaan Oromoo Qubeessuu Barattoota Mana Barumsa Sad. 2ffaaShanoo kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti kan hundaa'e ta'ee, barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti bara barnootaa 2012 A.L.I kutaa 10ffaa barachaa turan 40 fi barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa kanatti barsiisaa turan 6 iddaattoo fudhachuudhan xiinxaluu qofarratti daangeffame.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo kana keessatti rakkoolen jalqabaa hanga dhumaatti qoratticha muudatan kanneen armaan gadiiti. Isaan keessayis muraasni.

- Hanqina yeroo: qorannichi kan gaggeeffame hojii idilee hojjechaa waan ta'eef, akka barbaachisaa ta'etti gorsaa waliin wal qunnamuun haala barbaachisaa ta'een deeggarsa ogummaa argachuun hin danda'amne.
- Hanqina kitaabilee wabii: barreeffamoonni Afaan Oromoo irratti barreeffaman bal'inaan waan hin jirreef, barruulee mata-duree kanaan wal-fakkaatu hedduu argachuun hin danda'amne.
- Hanqina baajataa: barreeffamni kamiyyuu koompiitaraan kan barreeffamu waan ta'eef, akkasumas; adeemsa hojii qorannichaaf qarshii gahaa argachuun hin danda'amne. Kana malees, bara barnootaa 2012 A.L.I sababa Koovid 19 biyya keenya keessa galeef, manneen barnootaa semisteera 2ffaa irraa eegalee hanga Onkololeessa bara 2013 A.L.I tti cufaa waan turaniif, ragaalee gahaa qorannichaaf ta'an barattoota irraayis ta'ee, barsiisota irraa argachuun rakkisaa ture. Qorannoo kana gaggeessuf, muxannoo gahaa dhabuu irraa kan ka'e qoraticha irratti haga tokko dhiibbaa ta'ee argamee jira. Haata'u malee, qorattichi, namoota qorannoo irratti muxannoo qaban gaafachuudhaan, akkasumas; gargaarsa gorsaa isaatifi muxannoo isaatti gargaaramuun rakkinoota kanneen keessaa bahuuf yaalee jira.

## 1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon adeemsifame kun boqonnaawwan shan of keessatti qabate. Boqonnaa tokko keessatti kan hammataman Seensa, seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa fi qindaa'ina qorannichaa of keessatti qabate. Boqonnaa lama keessatti waa'een sakatta'a barruu dhiyaatee jira. Boqonnaan sadi immoo saxaxaa fi mala qorannoo of keessatti qabate. Boqonnaa afur keessatti kan dhiyaatan odeeffannoo guurame irratti hundaa'udhaan hojiilee qaaccessaa fi hiika ragaaleetu dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa fi isa xummuraa irratti cuunfaa, argannoo fi yaboon dhiyaatanii jiru.

# BOQONNAA LAMA

## 2 Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana keessatti barreeffamoonni mata-duree qorannichaa waliin wal-fakkaatan ibsamanii jiru. Boqonnichis maalummaa qubeessuu ibsuun eegale.

### 2.1 Maalummaa Qubeessuu

Qubeessuun seera afaan tokkoo eeganii jechootaan fayyadamuun barreeffamaan ergaa dabarfachuu keessatti akkaataa seera sagaloota afaanichaa osoo hin jal'isin qubee sirrii ta'e itti barreessan jechuudha. Yaada kana deeggaruun Geetaachoon (1992:99) akkana jedhe. "qubeessun haala sagaleeleen jecha tokko keessa jiran itti barreeffaman yoo ta'u, qubee sirrii ta'e fayyadamuun jechoota hiika qaban barreessuudha."

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu jechoota afaanicha keessa jiran akka dubbatamanitti barreessuun qubeessuu akka ta'eedha. Kanamalees, jechoota hiikaa qaban barreessuuf qubee sirrii ta'etti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaati.

Qubeessuun adeemsa jechoota dubbii mallattoolee barreeffamatti jijjiiruti; yookiin dandeettii qubeewwaniin jecha afaan yookin barreeffama keessatti burqisiisuuti (Misgaanuu, 2011:1). yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu, qubeessuun haala jechoota dubbii mallatoolee barreeffamaatti jijjiiruu ta'uu isaati.

Qubeessuun tooftaa tartiiba qubeewwan fudhatama qabaniin jecha uumuu, jecha sirrii ta'e barreessudha. Qubeessun karaa ittiin jechi qubeeffamu yookiin ittiin barreeffamuudha. (Misgaanuu, 2015:159).

Yaada barreessaa kana irraa wanti hubannu, qubeessuun mala tartiiba qubeewwan qabaniin jecha haaraa uumuu, jecha sirrii ta'e barreessuu yoo ta'u; akkasumas, haala jechi tokko itti barreeffamu ta'uu isaati.

Qubeessuun sirna qubeewwan jecha keessatti ittiin barreeffamaniidha(Beekan, 2015:159). Yaaduma kana deeggaruun kuusaan jechoota Afaan Ingilizii, Collins Cobuid English Dictionary for advanced learners (2001:1499) qubeessuu yoo hiiku akkas jedhe, "spelling is the correct order of letters in a word."

Hiika kana irraa kan hubatamu, qubeessuun tartiiba sirrii qubeewwanii wal-bira naquu qofaan jecha sirrii ta'e barreessuun hin danda'amu. Jecha sirrii ta'e barreessuunsagaleewwan walitti dhufanii jecha hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama qabu uumuu danda'an tartiibessanii kaa'uu kan gaafatuudha. Kanaaf, qubeessuun dandeettii jechoota sirrii ta'an uumuu fi tartiiba qubeewwan sagalee fudhatama qaban bakka bu'uudhaan maddisiisuun walitti qindeessanii barreessuu kan ilaalatuudha (Misgaanuu, 2011:2).

Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamu, qubeessuu keessatti qubeewwan walbira kaa'uu qofti bu'aa kan hin qabneefi jechoota dubbataa hawaasa sanaa biratti fudhatama qabanitti fayyadamuun barbaachisaadha. Kanamalees, jechoota sirrii ta'an uumuun jechoota kanneen tartiiba qubeetin kaa'uun qubeessuu ta'uu isaati.

Barumsa afaanii keessatti dandeettiwwan barreeffamaa kan biro barbaachisaa ta'an kan dagatamanii miti. Kanneen keessaa kan akka seer-luga, sirna tuqaalee, maxxantoota, jechoota, qindaa'ina yaadaa, qabiyyee fi uunkaa kan waliin ilaalaman ta'u. qubeessuun barreessitoota fudhatama gaarii ta'e fedhaniif dandeettii ittiin jireenyaati (Beekan, 2015:160).

Yaada hayyuu kanaaa irraa kan hubatamu, dandeettiwwan barreeffamaa kan biroo kanneen akka seerluga, sirna tuqaalee, jechoota, maxxantoota fi qindaa'inna yaadaa barumsa afaanii keessatti kan barbaachisu ta'uu isaaniti. Kana malees, qubeessuun barreessitoota fudhatama gaarii ta'e fedhaniif dandeettii jireenya isaanii ta'uu isaati.

## 2.2 Faayidaa Qubeessuu

Faayidaa qubeessuu ilaalchisee Beekan (2015:160) akkana jedha.

> *Faayidaan qubeessuu inni guddaan karaa barreeffamaan walqunnamtiin qulqullina qabu akka raawwatu taasisuudha. Qubeessuun hanga hin raawwannetti barreeffamni jiraachuun kan hin yaadamneedha. Kanaafuu, qubeessun bu'uura barreeffamaa ta'uun ni fayyada. Qubeessuun mi'eessituu barreeffamaati. Ergaa barreeffamaan dabarsuun barbaadame rakkoo malee dabarsuuf, wal qunnamtii gaarii taasisuuf, hiikawwan adda addaa addaan baafachuuf qubeessuun iddoo guddaa qaba.*

Akka yaada barreessaa kanaatti faayidaan qubeessuu inni guddaan barreeffama wal qunnamtii taasisuudha. Iddoo qubeessuun hin raawwatamnetti barreeffamni kan hin jiraanne ta'uu isaatiifi qubeessuun madda barreeffamaati jechuudha. Kanamalees ergaa barreeffamaan darbu tokko

rakkoo malee dabarsuuf, waliigaltee gaarii gochuuf, hiikawwan adda addaa adda baafachuun qubeessuun akka fayyaduudha.

Itti dalaluudhanis (Misgaa, 2011:2-3) waa'ee kana yoo ibsu akkana jedha.

> *Galmee jechootaa keessatti qubeessuun hiikawwan jechootaa fi ibsa adda addaa saffisaan argachuuf, dandeettii jechoota sirriitti sagaleessuu gonfachuu fi barreessitoota beekumsaa fi ofitti amanamummaa gonfachiisuu mala.Wal qunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti jaalalaa fi kabaja gonfachiisa. Hanqina dandeettii biroo qabanillee guuttachuuf, fakkeenyaaf, dubbachuun fedhii fi yaada ofii ibsachuu kanneen hin dandeenye, barreeffamaan of ibsuuf qubeessuun daran gargaara. Seera qubeessuu beekuun barumsa keessatti, bilisummaan barreessuu gonfachuun sodaa jiru ni maqsa.*

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu qubeessuun galmee jechootaa keessatti hiikawwan jechootaa saffisaan argachuuf, jechoota sirriitti sagaleessuu gonfachuun barreessitoonni beekumsaa fi ofitti amanamummaa akka horatan gonfachiisudha.

### 2.3 Maalummaa Dogoggora Qubeessuu

Maalummaa dogoggoraan qubeessuu ilaalchisee Misgaanuu (2011:6) yoo ibsu akkana jedha.

> *Jechi doggora jedhu, jecha Laatinii irraa kan fudhatame yoo ta'u, hiikni isaa rakkachuu, burjaaja'uu, karaa irraa maqanii baduudha. Hiikni kun kaayyoo fi hojii tajaajila addaaf haala tajaajilu irratti hundaa'ee kan kennameef yeroota'u, sirreessa doggora afaan lammaffaa barsiisuu keessatti dogoggorri dubbii, uunka yookiin caasaa qooqaa keessatti itti fayyadama yoomessa dhugaa irraa maquu isaatin kan ka'e, barsiisaa biratti waliigaltee fudhatama hin arganneedha.*

Yaada kana ilaalchisaa Araarsaa (2004:21) akkanatti ibsa.

> *Dogoggora qubeessuu jechuun seera dandeettiwwan afaanii guutuu qaban dhimma ittiin bahuu dhabuu jechuudha. Kunis, jechoota keessatti qubeewwan seeraan hiriirsisuu dhabuu, qubee boca sirrii ta'een qubeessuu dhabuu, hima keessatti jechoota duraa duuba (consistence) eeguun akkaataa galumsa isaanitti walduukaa hiriirsun hima hiikaa qabeessa ta'e ijaaruu dhabuu fi kanneen kana fakkaatan of keessatti hammata.*

Yaada kana irraa kan hubatamu, seera dandeettiwwan afaanii guutuu qaban itti fayyadamuu dhiisuu ta'uu isaa, kunis jechoota keessatti qubeewwan seeraan hiriirsisuu dhabuu, qubee boca sirrii ta'een qubeessuu dhabuu, hima keessatti duraa duuba jechootaa eegun akka galumsa isaanitti hima hiika qabu ijaaruu dhabuu ta'uu isaati.

## 2.4 Maddoota Dogoggora Qubeessuu Afaan Oromoo Keessatti

Seera barreeffama Afaan Oromoo yoo hojii irra hin oolchine, jechoota, himaa fi keeyyata barreessuu keessatti dogoggorri qubeessuu uumamuun isaa ni bal'ata. Kanuma ilaalchisee qorataa Fikaaduun (2010:24) akkana jedhe. "Ignoring the spelling rules and incorrect applications of this rules play great role for error to occur."

Yaada kana irraa wanti hubatamu, seera qubeessuu yoo hojii irra hin oolchine, dogoggorri qubeessuu uumamuu isaa beekamaa ta'uu isaati. Waan kana ta'eef, qabxiileen armaan gadii qorannoo kana keessatti dhiyaatan bal'inaan ilaalun barbaachisaadha.

### 2.4.1 Irra Butaa Seeraan Fayyadamuu Dhabuu

Irra butaan kan uumamu yoo qubee dubbifamtoonni gosa adda addaa lama jecha tokko keessatti walitti aananii dhufani. Dubbifamtoonni osoo dubbachiiftuu gidduu isaanii hin galchin wal hordofuu kan danda'an jecha gidduutti qofa. Kana jechuun irra butaan jalqabaa fi dhuma jechaa irratti wal hordofuu hin danda'u jechuudha (Geetaachoo, 2018).

Yaada beekaa kanaa irraa wanti hubatamu, dubbifamtoonni gosa adda addaa lama walitti aananii yoo galan irra butaa uumu. Qabxii kana keessatti kan hubatamuu qabu, dubbifamtoonni adda addaa qubee dachaa warreen uuman as keessatti hin dabalaman. Qabatni isaas, dubbifamtoonni kunneen akaakuu garaa garaa haa ta'an malee, sagaleen isaan uuman tokkuma. Qubeewwan lamaan irra butaa uuman gidduutti wanti irra butamee darbe qubee dubbachiiftuu (i) dha. Yaada kana ilaalchisee Araarsaa (2012) Sanbatoo (1993:19), Tasfaayee(1993:19) wabeeffachuun yoo ibsu, "Qubeen tokko tokko otuu dubbachiiftuu ofitti hin fudhatin irra butamee hafa" jedha. Isuma kana fakkeenyaan yoo ilaalle: Fakkeenya, jechoota irra butaa "qalbii" fi "jirma" yoo fudhanne, qubeewwan "r" fi "m", "l" fi "b" jedhaman keessatti qubee dubbachiiftuu (i) irra butamuun kan utaalamee irra darbame ta'uu isaa hubanna. Fakkeenya dabalataa akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama

Fkn. -lf- = kolfa, balfa

-lm- = ilma, galma

-rm- = harma

-rd- = farda, sarde…..

Inni kun akkuma jirutti ta’ee, barattoonni tokko tokko jechoota irra butaa of keessaa qaban ennaa kataban qubee dubbachiiftuu (i) itti dabaluun barreessan.

Fakkeenyaf,

| Jecha dogoggoraan qubeeffame | Jecha sirriitti qubeeffame | Hiika isaa |
|---|---|---|
| halikan | halkan | Night |
| harika | harka | Hand |
| gamina | gamna | Brave /wise/ |
| abidii | abdii | Wish /hope/ |
| ulifa | ulfa | Prignancy |

Qorannoo kana keessatti, jechoota irra butaa of keessaa qaban barreessuu irratti dogoggoraan qubee dubbachiiftuu (i) dabaluun ilaalamee jira.

### 2.4.2 Hudhaa Iddoo Maleetti Fayyadamuu

Hudhaan qubee dubbifamtootaa jalatti ramadamee faayidaalee armaan gadii qaba (Amaan, Baahiruu, 2006:12-13).

1. Hudhaan akkuma dubbifamaatti dubbachiiftota gosa garaagaraa; akkasumas, gosa tokkoo lamaa ol wal duukaa hiriiran gidduu galuun seera afaanichaa sirreessa. Isuma kana ilaalchisee fakkeenya armaan gadii ilaaluun ni danda’ama. Fakkeenyaf,
    a. du’a        d. loo’aa
    b. bu’aa        e. ro’oo
    c. gu’aa        f. ba’aa
2. Qubee dubbifamaa fi dubbachiisaa jidduu seenuun olkaa’insa sagalee ibsuudhaan seera afaanii sirreessa. Fakkeenya,
    a. har’a
    b. dal’uu

c. bal’aa
d. gur’uu

3. Bakka dubbifamtoonni akka /l/, /y/, /r/ fi /m/ jabaachuu malanitti galuudhan tajaajila isaan nuu kennuu danda’an nuuf kenna. Fakkeenyaf,
   a. ballaa = bal’aa
   b. baayyee = baay’ee
   c. rommuu = rom’uu
   d. fallaana = fal’aana……

Inni kun akkuma jirutti ta’ee, barattoonni jechoota Afaan Oromoo qubeessuurratti hudhaa iddoo isaa maleetti fayyadamu. Fkn bo’oo jechuuf boo’o ykn bo’o, sa’a jechuuf saa’a jedhanii barreessu.

### 2.4.3 Sagalee Jabaafi Laafaa Iddoo Maleetti Fayyadamuu

Sagaleen tokko jabaate kan jedhamu qubeewwan gosa tokkoo walitti aananii jecha tokko keessatti yoo barreeffamani.

Fakkeenyaf,

a. soddaa
b. bittaa
c. gubbaa fi kkf

karaa biraatiin sagalee laafaa kan jedhamu, jecha Afaan Oromoo keessatti qubee dubbifamaa tokko qofa yoo fayyadamne sagaleen sun sagalee laafaa jedhama (Tafarii, 1998:33). Yaada kana sirriitti hubachuuf fakkeenya asii gadii ilaaluun ni danda’ama. Fakkeenya,

a. sodaa
b. bitaa
c. gubaa fi wkf

Qorataa Araarsaa (2012) Geetaachoo (2005:28) wabeeffachuun seera barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisee akkaataa sagalee jabaan itti uumamu haala kanaa gadiitin addeessee jira.

*Seera katabbii Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Fkn, Sammuu. Seerri kun dubbifamtoota qubee ykn mallattoo qeenxee qaban qofa ta'a. Dubbifamtoonni warri qubee dacha ykn mallattoo dachaa qaban yeroo laafanis ta'ee, yeroo jabaatan unka (form) tokkoon katabamu. Fakkeenyaf, hodhe, harma hodhe (laafaa), hucuu hodhe (jabaa). Waan ta'eefuu dubbifamtoota qubee dachaan barreeffaman, jabinaafi laafina isaanii addaan baasuf hima keessatti galchuu qabna.*

Yaada barreessaa kana irraa wanti xiyyeeffatamu, jabinni sagalee kan jiraatu qubeewwan qeenxee akaakuu tokkoo lama walitti aananii jecha tokko keessatti yoo katabamani. Kanamalees, warreen qubee dachaan uumaman qubeewwan irra deebi'uun barreessuu osoo hin taane haaluma tokkoon katabamanii jabinaa fi laafinni isaanii kan beekamu yeroo dubbifamani.

Haa ta'u malee, barattoonni yoo jechoota barreessan sagalee jabaa fi laafaa iddoo isaanii maleetti fayyadama. Fkn jedha "bokkaa" jedhu barreessuuf "bookaa", jecha "sammuu" jedhu "samuu" jedhanii barreessu. Walumaagalatti, jabinnii fi lafinni sagalee dubbifamtoota irratti hundaa'a.

### 2.4.4 Sagalee Dheeraafi Gabaabaa Seeraan Fayyadamuu Dhabuu

Waa'ee gabaabinaa fi dheerina sagalee ilaalchisee Rabbirraa (2011:28-29) akka armaan gadiitti ibsee jira.

*Sagalee gabaabaa kan jedhamu Afaan Oromoo keessatti jechi tokko dubbachiiftota Afaan Oromoo warreen bu'uraa shanan keessaa tokko fudhachuun dubbachiiftuu qeenxeen kan katabamuudha. Akkasumas, sagalee gabaaban kan uumamu afuurri somba keessaa bahu osoo hin turin dafee yoo baheedha. Kana jechuun, yeroo dubbannaa gabaabaa barbaada jechuudha. Sagalee dheeraan immoo qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lama ta'ee yoo gale kan uumamuudha. Sagalee dheeraan sagalee gabaabaa caalaa yeroo dubbannaa dheeraa barbaada.*

Fakkeenyaf,

| Sagalee gabaabaa | Sagalee dheeraa |
|---|---|
| laga | laagaa |
| fixe | fiixee |
| lafa | laafaa |
| boru | booruu |

Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamu, Afaan Oromoo keessatti, sagalee gabaabaa agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu tokko qofaan yoo barreessinu, sagalee dheeraa agarsiisuuf immoo qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lama walitti aansinee katabna jechuudha. Yaadni kun akkuma jirutti ta'ee, barattoonni jechoota Afaan Oromoo yoo qubeessan sagalee dheeraa fi gabaabaa seeraan ala yoo fayyadaman ni mul'ata. Fkn, jecha "qola" jedhu barreessuuf "qolaa", jecha "eeboo" jedhu barreessuuf "ebo" jedhanii barreessu. Walumaagalatti, Afaan Oromoo keessatti, gabaabinnii fi dheerinni sagalootaa dubbachiiftota irratti hundaa'a.

### 2.4.5 Qub-guddeessa Iddoo Maleetti Fayyadamuu

Qubeen Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama. Qubee guddaa fi xiqqaadha. Isaan kun lamaan yeroo barreeffaman wal makanii osoo hin taane seera barreeffamaa eegun katabamu. Qubee xiqqaa fi guddaa seera malee wal keessa makuun dogoggora. Jecha ykn hima; akkasumas, yaada tokko yemmuu barreessinu, seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanittuu fayyadamna (Rabbirraa, 2011:136).

Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamu, qubeen Afaan Oromoo qubee xiqqaa fi guddaa jedhamuun iddoo lamatti qoodamuu isaaniti. Quboota kanneen barreeffama keessatti yoo fayyadamnu wal keessa makuun osoo hin ta'in, seera barreeffamaa eegun kan itti fayyadamnuudha.

Qub-guddeessi seeraa fi iddoo itti tajaajilu qaba. Isaan keessaa muraasni kanneen asii gadiiti.

1. Maqaa dhuunfaa barreessuuf: maqaa dhuunfaa ykn maqaa namootaa yeroo barreessinu qubeen duraa qub-guddaa ta'uu qaba.
   Fakkeenyaf, Abdallaa, Alamuu, Araarsoo…….
2. Maqaa magaalotaa barreessuuf: maqaa magaalotaa yemmuu barreessinu qubeen duraa qubee guddaan katabama
   Fakkeenyaf, Finfinnee, Amboo, Naqamtee……
3. Maqaa naannowwanii barreessuf: maqaa naannowwanii barreessuu keessatti qubeen jalqabaa qubee guddaan barreeffama.
   Fakkeenyaf, Oromiyaa, Amaaraa, Tigraay……….
4. Maqaa guyyoota torbanii barreessuf: maqaa guyyoota torbanii yemmuu katabnu qubeen duraa qubee guddaan eegala.

Fakkeenyaf, Wixata, Kibxata, Roobii……

5. Maqaa ji'oota waggaa barreessuu keessatti: maqaa ji'oota waggaa yemmuu barreessinu qubeen jalqaba dhufu sun qubee guddaa ta'uu qaba.

   Fakkeenyaf, Amajjii, Fulbaana, Guraandhala…….

6. Maqaa ayyaanota waggaa barreessuuf: maqaa ayyaanotaa yemmuu katabnu, qubeen jalqabaa sun qubee guddaa ta'uu qaba.

   Fakkeenyaf, Ayyaanni Masqalaa ji'a Fulbaanaa keessa kabajama.

7. Maqaalee ardii barreessuuf: maqaaleen ardii yemmuu barreeffaman qubeen jalqabaa qubee guddaan eegala.

   Fakkeenyaf, Awurooppaa, Afrikaa………

   Isaan gubbaatti tartiiba1-7 tti tarreeffaman kunneen haala itti fayyadamina qub-guddeessaa ta'anii, yeroo tokko tokko barattoonni maqaa isaanii yeroo barreessan qub-guddeessatti dogoggoraan yoo itti fayyadaman ni mull'ata.

   Fakkeenyaf,

| Kan dogoggoraan barreeffame | kan sirriitti barreeffamuu qabu |
|---|---|
| 1. sintaayyoo | Sintaayyoo |
| 2. maahileet | Maahileet |
| 3. mokonnin | Mokonnin |

### 2.4.6 Sirna Tuqaalee Seeraan Fayyadamuu Dhiisuu

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessatti galuun hiika ykn ergaa barreeffama tokkoo ifa taasisaniidha.

Yaada kana ilaalchisee Araarsaa (2011), Geetaachoo (2011:150) wabeeffachuun akkas jedha. " sirni tuqaalee mallattoo jecha ykn barreeffama Afaan Oromoo keessatti galani." Yaanni hayyuu kanaa akka nu hubachiisutti sirni tuqaalee mallattoo ta'uu isaati. Mallattoon kunis barreeffama keessatti seeraa fi tajaajila mataa isaa danda'e qaba.

#### 2.4.6.1 Qooddutti Dogoggoraan Fayyadamuu

Barattoonni barreeffama keessatti yeroo qooddutti fayyadaaman dogoggora ni uumu. Dogoggorri kunis, iddoo qoodduun galuu qabutti osoo hin galchin dhiisuu yoo ta'u, gama biraatin immoo iddoo hin barbaachifnetti galchanii itti fayyadaman mul'ata.

Fakkeenyaf, haala itti fayyadama qoodduu ilaalchisee, guyyaa fi bara barruussuu keessatti dogoggora mul'ate yaa ilaallu.

1. Obboo Tolaan Wixata Fulbaana, 20 bara 1990 dhalate.
2. Aaddee Loomiin Onkololeessa, 30 bara 2005 deesse.

Himoonni lamaan lakkoofsa 1 fi 2 jalatti barreeffaman kunneen yoo seeraan qoodduutti fayyadamnee barreessine akka armaan gadiitti ta'a.

1. Obboo Tolaan Wixata, Fulbaana 20, bara 1990 dhalate.
2. Aaddee Loomiin Onkololeessa 30, bara 2005 deesse.

#### 2.4.6.2 Jecha Birsaga Irratti Addaan Qooduu Dhiisuu

Faayidaa sarara xiqqaa ilaalchisee Rabbirraa (2011:132-13) akkas jedha.

Sarara xiqaan barreeffama keessatti faayidaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa, qarqara (dhuma) sarara barreeffamaa irratti jecha tokko addaan qooduf gargaara. Jecha tokko yemmuu addaan qoonnu akkuma arginetti osoo hin taane birsaga irratti qooduu qabna.Fakkeenyaf, Roobni waan dhabameef beelli ham-

maate.

Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamu, yeroo jecha tokko addaan qoonnu sarara xiqqaatti gargaaramna. Kana malees, jecha caljennee addaan qooduu osoo hin taane, seera isaa eegnee birsaga irratti addaan qooduun akka nurra jiruudha.

### 2.5 Tooftaalee Dogoggora Qubeessuu Sirreessuf Gargaaran

Afaan Oromoo keessatti karaalee dogoggorri qubeessuu ittiin sirreeffamu keessaa inni tokko seerota barreeffama Afaan Oromoo addaan baasanii beekudha. Yaada kana ilaalchisee Araarsaa (2012) Slaw (1978:186) wabeeffachuun akkanatti ibsa.

> *Adeemsa dogoggoraa sirreessuuf inni jalqabaafi baay'ee barbaachisaan fedhii barachuu qabaachuuti. Kan lammaffaa immoo, yeroo ofii barumsaaf aarsaa gochuudha. Kanamalees wantoonni armaan gaditti tarreeffaman dogoggora qubeessuu sirreessuun ni danda'ama. (1) jechoota sirreessanii sagaleessuu, (2) haaluma dhageettiin jechoota sammuudhaa ilaaluu, (3) jechoota sammuutti qabachuu, (5) seerota barreeffama Afaan Oromoo*

*beekuu, (6) jechoota of eeggannoon barreessuu, (7) jechoota yeroo mara sirreessanii barreessuf nama rakkisan kophaatti baasuun shaakaluudha.*

Yaada hayyuu kana irraa kan hubatamu, dogoggora qubeessuu sirreessuuf adeemsi taasifamuu qabu, barataan fedhii barachuu qabaachun isaa isa duraati. Inni lammataa, barachuuf yeroo gahaaa kennuudha. Inni sadaffaan immoo, jechoota sirriitti sagaleessuu, galmee jechootatti fayyadamuu, seera barreeffama Afaan Oromoo beekuu, jechoota of eegannoon barreessuufi jechoota barreessuuf ulfaatoo ta'an kophaatti baasuun shaakaluu ta'uusaati.

## 2.6 Sakatta'a Barruu Wal Fakkii

Qoratichi barreeffamoota mata-duree isaatin firoomina kan Afaan Ingilizii fi Afaan Oromootiin barraa'an sakatta'uun qorannoo isaatiin wal maddii ilaalee jira.Balaay (2011) mata-duree "Dandeettii barreessuu gabbifachuu keessatti rakkoowwan barattoota kutaa 11[ffaa] muudatan" jedhu irratti qorannoo gaggeesse. Innis kan irratti xiyyeeffate walumaagalatti barreessuu irratti.

Qorannoon kun garuu rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattoota Mana Barumsa Sad. 2[ffaa] Shanoo kutaa 10 [ffaa] Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaluuf kan adeemsifameedha. Qorannoo Balaayitiin kan adda ta'e qubeessuu qofarratti waan xiyyeeffateefi.

Ziyaad (2011) mata-duree "Sakatta'a fayyadama akaakuu jechoota dogoggora qubeessuu sadarkaa jechaa asoosama yaadaa keessatti" jedhu irratti qorannoo gaggeessee jira. Innis asoosama irratti xiyyeefate. Qorannoon ammaa garuu rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Fikaaduu (2010) mata-duree "Analysis of spelling and grammar errors of teaching materials prepared for Afaan Oromo students" jedhu irratti qorannoo adeemsise. Xiyyeeffannaan qorannoo isaatis dogoggora seerlugaa fi qubeessuu kitaabilee barnootaa barattoota Afaan Oromootiif qophaayan irratti.

Qorannoon amma adeemsifame kun garuu rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaa xiyyeeffateeti. Walumaagalatti, qorattichi mata-duree qorannoo isaa ni tumsa jedhee amane hamma ta'e kitaabilee fi waraqaa qorannoo adda addaa qorannoo isaa keessatti ibsee jira.

# BOQONNAA SADI

## 3. Saxaxaafi Mala Qorannichaa

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti kan xiyyeeffateedha. Ijaarsi qorannoo kanaas qu'annoo addeessaa ta'ee, qorattichi qorannoo adeemsifame kanaaf mala qorannoo makaa (mala qorannoo hammamtaa fi mala qorannoo akkamtaa) fayyadamee jira. Malleen kanneen fayyadamuunis hanqina mala tokko malli biraa agarsiisuu waan danda'uufi. Malli qorannichaatis, qorattichis tooftaawwan funaansa ragaaf barbaachisan kanneen akka bar-gaaffii, af-gaaffii fi wkf fayyadamuun, mala iddattoo carraa (lotory system) fayyadamuun, madda ragaalee eeruun akkasumas mala qaaccessa raga teechisee jira.

### 3.2 Madda Ragaalee

Qorannoon tokko ennaa gaggeeffamu maddi ragaa murteessadha. Haaluma kanaan maddi ragaalee qorannoo kanaa barattoota bara 2012 A.L.I Mana Barumsa Sad. $2^{ffaa}$ Shanootti kutaa $10^{ffaa}$Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi barsiisota mana barumsa kanatti Afaan Oromoo barsiisani. Qorannichi kallattiidhaan barattoota mana barumsa kanaa irratti waan adeemsifameef barattoonni mana barumsa kanaa akka madda raga ta'anii tajaajilanii jiru.

### 3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf iddattoon baay'ee barbaachisaadha. Haaluma kanaan qoratichi qorannoo kana gaggeessuuf, bara barnootaa 2012 A.L.I barattoota Mana Barumsa Sad. $2^{ffaa}$ Shanoo kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachaa turan 135 keessaa barattoota 40 ta'an mala carraa /lottery system/ fayyadamuun barattoota kanneen akka iddattooti filatee jira. Akkasumas, barsiisonni mana barumsa kanatti Afaan Oromoo barsiisan baay'inni isaanii jaha. Isaan kunneenis lakkoofsan muraasa waan ta'aniif, akkuma jiranitti akka iddattootti fudhatamanii jiru. Walumaagalatti, qoratichi iddattoo namoota 46 filachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

### 3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Qoratichi qorannoo isaa kana gaggeessuuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman kanneen armaan gadiitti fayyadamee jira. Isaanis: bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa daree, qormaataa fi

dookumantii sakatta'uudha. Sababni meeshaaleen odeeffannoon ittin funaaname baay'ataniifis meeshaa tokkoon odeeffannoo argamuu hin danda'amne meeshaa biraatin bira gahuun waan danda'amuufi.

### 3.4.1 Bar-gaaffii

Bar-gaaffiin meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoo fi kan qorattoonni baay'een itti gargaaramani. Waan kana ta'eef, qoratichi meeshaa funaansa raga kanatti fayydamuun odeeffannoo barbaachisu barsiisota irraa funaannatee jira. Tooftaan kunis kan filatameef, deebistoonni waan barbaadan fedhii fi bilisummaadhaan odeeffannoo sirrii ta'ee isaanitti dhaga'ame akka kennan gargaara. Haaluma kanaan, gaafileen odeeffannoo funaansaaf gargaaran 16 yeroo ta'an gaaffileen kunis hunduu gaaffilee cufaadha. Gaaffileen cufaa (closed-ended items) filannoowwan: cimseen morma, nan morma, hin murteessuu, nan deeggara, cimseen deeggara jedhan of keessatti qabatu.

### 3.4.2 Af-gaaffii

Waa'ee af-gaaffii ilaalchisee Dastaan (2013:111) akkana jedha. "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee, kan qorataa fi odeef-kennaan (informant) fuulleettii wal arganii odeeffannoo walii kennani" yaada kana irraa wanti hubatamu, gosoota odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa af-gaaffiin isa tokko yemmuu ta'u, qorataa fi deebii deebisaan qaaman wal arguudhaan kan odeeffannoo wal irraa fudhatani. Malli kunis kan filatameef, qorataafi odeef-kennaan iddoo tokkotti qaaman wal arguudhaan qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaan gaafachuu waan danda'uufi. Haaluma kanaan, qoratichi af-gaaffiwwan baay'inni isaanii 9 ta'an barsiisota Afaan Oromoo barsiisan jahaaf dhiyeessee odeeffannoo gahaa funaanatee jira. Af-gaaffiwwan kunneenis hundi isaanii gaaffii banaadha. Sababni isaas, qoratichi odeeffannoo bal'aa argachuu waan barbaadeefi.

### 3.4.3 Daawwannaa Daree

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti argamee warra qorannoon irratti gaggeeffamu sana hordofa. Fakkeenyaaf, jarreen sun yoo barattoota ta'an sochii isaan adeemsa baruufi barsiisuu irratti qaban ilaalee galmeeffata (Dastaa, 2013:118).

Yaada kana irraa wanti hubatamu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa inni tokko daawwannaadha. Qorataanis odeeffannoo funaanuuf iddoo qorannichi itti gaggeeffamu sana dhaqee sochii waliigalaa fkn yoo kan barattootaa ta'e sochii isaan baruu fi barsiisuu keessatti taasisan galmeeffata. Yaaduma kana Taadiyoos (2016:57) Richard fi Rodgers (1995) wabeeffachuun "Daawwannaan daree keessaa adeemsa baruu fi barsiisuu haala qabatamaan hojiitti hiikamuu isaa namatti mul'isuudha," jedha.

Haaluma walfakkaatuun qoratichi rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa ilaalchisee qabxiilee mirkaneeffannoo 15 qopheeffatee barsiisota jahan bira yeroo adda addaa keessatti al tokko tokko, walumaagalatti al jaha daree seenuun waan hubate mirkaneeffatee jira.

### 3.4.4 Qormaata

Qormaanni gosoota odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Yaada kana cimsuun Dastaan (2013:122) Yaalew (2006:194) wabeeffachuun yoo ibsu, "**ፈተና ማለት የተወሰኑ ጥያቄዎች ተዘጋጅተው ወጥነት ባለው መንገድ የተፈታኞችን አዕምሮአዊ ወይም ስነ-ባህራዊ ሁኔታ አስመልክቶ መረጃ ለመሰብሰብ የሚረዳ መለኪያ ነው** " jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu qormaanni haala walfakkaatuun qophaa'ee amala, dandeettii barattootaa ilaalchisee odeeffannoo barbaanne funaanachuu yoo barbaanne kan itti fayyadamnu ta'uu isaati.

Asirratti qoratichi barattoota qormaata qoruun dura jalqaba, barattoota bara 2012 A.L.I kutaa 10ffaattii  Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan 135 keessaa isaan akka odeeffannootti filataman 40 maqaa isaanii galmeesse. 2ffaa, barattoota kanneen furiin alatti mata-dureewwan qubee Afaan Oromoo, jechoota ijaaruu, himoota ijaaruufi seetota barreeffama Afaan Oromoo jedhaman torban lamaaf barsiise. Akkuma mata-duree tokko barsiisee xummureen jechoonni dubbifamaniifi dhaggeeffatanii akka barreessan qormaata tokkoffaa qabxii 20% irraa qabamu qore, itti aansuun mata duree himoota ijaaruu jedhu barsiisee erga xumureen booda himoota garaagaraa dhaggeeffatanii akka barreessan qormaata lammaffaa qabxii 20% irraa qabamu qore. Dhumarratti, seerota barreeffama Afaan Oromoo erga barsiisee xumureen keeyyata tokko dubbiseefi dhaggeeffatanii akka barreessan qormaata sadaffaa qabxii 20% irraa qabamu qore. Adeemsa kana keessatti barattoota kanneen barsiisuufi qormaata qoruun kan barbaachiseef, dandeettiin qubeessuu isaanii hangam akka ta'e addaan baasuufi. Akkasumas, jechoota barreessuu irratti dandeettii seera qubeessuu Afaan Oromoo eeganii, himoota fi keeyyata

dhaggeeffatanii yeroo barreessan qub-guddeessaafi sirna tuqaalee iddoo barbaachisutti seeraan fayyadamuu isaanii ilaalee jira.

### 3.4.5 Dookumeentii Sakatta'uu

Odeeffannoo dabalataa argachuuf, dabtarri barattoota 12 fi barreeffama barattoonni fi barreeffama barattoonni dhaggeeffatanii barreessan akka meeshaalee funaansa ragaattii fayyadaniiru.

## 3.5 Mala Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'an meeshaalee funaansa ragaa kan akka bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaafi kkf niin erga funaanamanii booda gabateetti fayyadamuun qaacceffamanii jiru. Kanaafis qorataan malleen qaaccessa raga akkamtaa ( qualitative) fi hammamtaa (quantitative) fayyadamee jira. Malli akkamtaan odeeffannoon hiikame sun jechaan ykn himaan kan kaa'ame yoo ta'u, mala hammamtaa keessatti immoo odeeffannoon funaaname sun baay'inni isaa lakkoofsaan kaa'ame. Dhuma irrattis cuunfaa, argannoo fi yaanni furmaataa /yaboon barbaachisan kaa'amanii jiru.

# BOQONNAA AFUR

## 4. Qaaccessaafi Hiika Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa daree, qormaata fi dookumeentii sakatta'uun argaman xiinxalaman. Ragaaleen funaanaman kunneenis mala odeeffannoo funaanuu boqonnaa sadi keessatti ibsame irratti hundaa'udhaan walitti qabaman. Achumaan ragaaleen argaman kunneenis akka armaan gadiitti tokko tokkoon qaacceffamanii hiikni itti kennamee jira.

### 4.1. Qaaccessa Ragaalee Bar-gaaffii Barsiisotaa

**Gabatee 1: Sababoota hanqina qubeessuu barattootaa irratti yaada jiru**

| Lakk. | Qabxii ijoo gaaffichaa | Filannoo qabxii iskeelii kennamee | Baay'ina deebistootaa | Dhibbeentaa (%) |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Barattoonni jechoota Afaan Oromoo kutaa keessatti barreessuun shaakala gochuu dhiisuu isaaniti | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | -- | -- |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 4 | 66.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 2 | 33.4 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 2 | Barsiisaan jechoota Afaan Oromoo tokko tokko yoo barreessu qubeessuu irratti kan dogoggoru ta'uu isaati. | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 4 | 66.7 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 2 | 33.4 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 3 | Barattoonni seerota barreeffama Afaan Oomoo beekuu dhabuu | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 4 | 66.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |

Akkuma gabatee 1, gaaffii 1ffaa irraa mul'atutti, hanqina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaaf sababni barattoonni jechoota Afaan Oromoo kutaatti barreessuuf shaakala gochuu dhiisuu isaaniti jedhu irratti, barsiisonni 2(33.4%) nan morma, barsiisonni 4(66.7%) immoo nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Kanuma maddiitti qorattichi daawwannaa daree taasiseen kutaa keessatti barattoonni jechoota Afaan Oromoo barreessuuf kan hin shaakalle ta'uu isaanii mirkaneessee jira.

As irratti kan hubatamu, hanqina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaaf sababa kan ta'e, barattoonni jechoota Afaan Oromoo barreessuun shaakala kan hin taasifne ta'uu isaaniti.

Gabateen 1, gaaffii 2ffaan kan mul'isu, sababni hanqina qubeessuu barattootaa barsiisaan jechoota Afaan Oromoo yoo barreessu qubeessuu irratti kan dogoggoru ta'uu isaati jedhuuf, barsiisonni 4(66.7%) nan morma, barsiisonni 2(33.4%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qabxuma kana ilaalchisee qorattichi daawwannaa daree taasiseen barsiisota jahaan daawwataman keessaa barsiisonni lama darbee darbee jechoota Afaan Oromoo qubeessuu irratti yoo dogoggoran, irra caalan isaanii garuu jechoota Afaan Oromoo qubeessuu irratti hanqina kan hin qabne ta'uu isaanii mirkaneessee jira. Yaada kanarraa kan hubatamu barsiisonni jechoota Afaan Oromoo qubeessuurratti dogoggora kan hin uumne ta'uusaaniti.

As irratti wanti hubatamu, barsiisonni irra caalaan isaanii jechoota Afaan Oromoo qubeessuu irratti kan hin dogoggorre ta'uu isaaniti.

Akkuma gabatee 1 gaaffii 3ffaa irratti mul'atutti, hanqina qubeessuu barattootaaf sababa kan ta'e, barattoonni seerota barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu isaaniti jedhu irratti barsiisonni 2(33.4) nan morma, barsiisonni 4(66.7%) immoo nan deeggara jechuu deebisanii jiru. Yaaduma kana ilaalchisee qorattichi daawwannaa daree taasisee dabtara barattootaa ilaaleen barattoonni jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa fi kkf barreessuu irratti rakkina kan qaban ta'uu isaanii mirkaneeffatee jira.

As irratti wanti hubatamu sababni hanqina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaa, seerota barreeffama Afaan Oromoo wallaaluu ta'uu isaati.

**Gabatee 2: Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoota barsiisuuf sochii barsiisaa.**

| Lak k. | Qabxii ijoo gaaffichaa | Filannoo qabxii iskeelii kennamee | Baay'ina deebistootaa | Dhibbeentaa(%) |
|---|---|---|---|---|
| 4. | Gilgaalota shaakala barreessuu cimsan kan akka jechootaan himoota ijaaruu fi keeyyata barreessuu barattootaaf hojii manaa ni kenna | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 3 | 50 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 1 | 16.7 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 5. | Barsiisaan dabtara barattootaa ni ilaala | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 3 | 50 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 1 | 16.7 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 6 | Barattoonni cimdiin /gareen/ akka wal gargaaran haala mijeessee jira. | 1. Cimseen morma | 1 | 16.7 |
| | | 2. Nan morma | 4 | 66.7 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 1 | 16.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 7 | Qubeessuu shaakalsiisuu irratti jechoota Afaan Oromoo gara garaa qubeessuun kutaa keessatti dubbiseefii barattoonni akka barreessan taasisee jira. | 1. Cimseen morma | 3 | 50 |
| | | 2. Nan morma | 1 | 16.7 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 2 | 33.4 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 8 | Barattoonni Afaan Oromoo si'aayinaan akka baratan jajjabeessuu | 1.Cimseen morma | 4 | 66.7 |
| | | 6. Nan morma | 1 | 16.7 |
| | | 7. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 8. Nan deeggara | 1 | 16.7 |
| | | 9. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |

Akkuma gabatee 2 gaaffii 4ffaa irratti mul’atutti, gilgaalota shaakala barreessuu cimsan barsiisan barattooaaf hojii manaa ni kenna kan jedhu irratti barsiisonni 2(33.4%) nan morma, barsiisonni 3(50%) nan deeggara, barsiisaan 1(16.7%) cimseen deeggara jechuun deebisanii jiru. Qorattichi daawwannaa daree taasiseen barsiisan gilgaalota adda addaa barattootaaf akka hojii manaatti kan kenneef ta’uu isaa mirkaneeffatee jira.

Isa kana irraa kan hubatamu, barsiisonni harki caalu barattootaaf gilgaalota adda addaa akka hojjetan hojii manaa kan kennaniif ta’uu isaati.

Gabatee 2 gaaffii 5ffaan kan agarsiisu, hojii barattootaa ilaaluuf barsiisan dabtara barattootaa ni ilaala jedhu irratti barsiisonni 2(33.4%) nan morma, barsiisonni 3(50%) nan deeggara, barsiisaan 1(16.7%) cimseen deeggara jechuun deebisanii jiru. Qorattichi daawwannaa daree taasiseen barsiisonni dabtara barattootaa kan ilaalan ta’uu isaanii mirkaneeffatee jira. Isa kana irraa kan hubatamu, barattoonni hojii manaa hojjechuu isaanii barsiisonni dabtara isaanii kan ilaalan ta’uu isaaniti.

Akkuma gabatee 2 gaaffii 6ffaa irratti mul’atutti, barattoonni cimdiin /gareen/ akka wal gargaaran barsiisaan haala mijeessee jira jedhu irratti barsiisaan 1(16.7%) cimseen morma, barsiisonni 4(66.7%) nan morma, barsiisaan 1(16.7%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree taasiseen barsiisonni haala kan hin mijeessine ta’uu isaanii mirkaneessee jira. As irratti kan hubatamuu qabu, barsiissonni irra caalaan isaanii barattoonni akka wal gargaaran haala kan hin mijeessineef ta’uu isaaniiti.

Gabatee 2 gaaffii 7ffaan kan agarsiisu qubeessuu shaakalsiisuu ilaalchisee barsiisaan jechoota Afaan Oromoo dubbiseefii barattoonni akka barreessan ni shaakalsiisa jedhu irratti barsiisonni 3(50%) cimseen morma, barsiisaan 1(16.7%) nan morma, barsiisonni 2(33.4%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qorattichi daawwannaa daree taasiseen barsiisonni qubeessuu kan hin shaakalsiifne ta’uu isaaniti.As irraa kan hubatamu, barsiisonni baay’een isaanii barattoonni jechoota Afaan Oromoo qubeessuu akka shaakalan sochiin barsiisotaa gadi aanaa ta’uu isaati.

Akkuma gabatee 2 gaaffii 8ffaa irraa mul’atutti, barattoonni Afaan Oromoo si’aayinaan akka baratan barsiisaan jajjabeessee jira jedhu irratti barsiisonni 4(66.7%) cimseen morma, barsiisaan 1(16.7%) nan morma, barsiisaan 1(16.7%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. As irratti kan

hubatamu, barsiisonni irra caalaan isaanii barattoonni si'aayinaan Afaan Oromoo akka baratan kan hin jajjabeessine ta'uu isaaniti.

**Gabatee 3: Adeemsa baruu barsiisuu keessatti fedhii barattoonni Afaan Oromoo barachuu irratti qaba.**

| Lakk. | Qabxii ijoo gaaffichaa | Filannoo qabxii iskeelii kennamee | Baay'ina deebistootaa | Dhibbeentaa(%) |
|---|---|---|---|---|
| 9. | Fedhiin barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban ol'aanaadha. | 1. Cimseen morma | 3 | 50 |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 1 | 16.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 10. | Barattoota kaan irraayis ta'ee wal irraa barachuuf fedhii guddaa qabu. | 1. Cimseen morma | 2 | 33.4 |
| | | 2. Nan morma | 3 | 50 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 1 | 16.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 11. | Hojii manaa kennameef ni hojjetu. | 1. Cimseen morma | 2 | 33.4 |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 2 | 33.4 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |

Akkuma gabatee 3 gaaffii 9$^{ffaa}$ irraa mul'atutti, fedhiin barattoonni barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban ol'aanaaadha jedhu ilaalchisee, barsiisonni 3(50%) cimseen morma, barsiisonni 2(33.4%) nan morma, barsiisaan 1(16.7%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree adeemsiseen barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan

harki caalu barnoota Afaan Oromoo barachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu isaanii mirkaneeffatee jira.

Gabatee 3 gaaffii 10ffaan kan mul'isu barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan barattoota afaan beekan irraayis ta'ee wal irraa barachuuf fedhii guddaa nqabu jedhu ilaalchisee, barsiisonni 2(33.4%) cimseen morma, barsiisonni 3(50%) nan morma, barsiisaan 1(16.7%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree taasiseen barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan wal irraa barachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu isaanii mirkaneeffatee jira.

Gabatee 3 gaaffii 11ffaa irraa kan hubatamu, barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan wal irraa barachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu isaati. Akkumagabatee 3 gaaffii 11ffaa irraa mul'atutti, barattoonni hojii manaa kennameef ni hojjetu kan jedhu irratti barsiisonni 2(33.4%) cimseen morma, barsiisonni 2(33.4%) nan morma, barsiisonni 2(33.4%) nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree taasiseen barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan harki caalu hojii manaa kan hin hojjennee ta'uu isaanii mirkaneessee jira.

Asirraa kan hubatamu, barattoonni irra jireessi isaanii hojii manaa isaaniif kenname osoo hin hojjetin kan dhufan ta'uu isaaniti.

**Gabatee 4: Dogoggora qubeessuu barattootaa sirreessuuf sochii barsiisaa**

| Lak k. | Qabxii ijoo gaaffichaa | Filannoo qabxii iskeelii kennamee | Baay'ina deebistootaa | Dhibbeentaa(% |
|---|---|---|---|---|
| 12. | Gilgaalota shaakala barreessuu cimsan yoo hojjetan dogoggora qubeessuu jechoota Afaan Oromoo ni sirreessaaf | 1. Cimseen morma | 4 | 66.7 |
| | | 2. Nan morma | 2 | 33.4 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | -- | -- |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 13. | Barattootaaf yaad-deebii ni kenna. | 1. Cimseen morma | 2 | 33.4 |
| | | 2. Nan morma | 3 | 50 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 1 | 16.7 |
| | | 5. Cimseen deeggara | -- | -- |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |

Akkuma gabatee 4 gaaffii 12[ffaan] agarsiisutti, barsiisaan dogoggora qubeessuu jechoota Afaan Oromoo ni sirreessaaf isa jedhu irratti barsiisonni 4(66.7%) cimseen morma, barsiisonni 2(33.4%) nan morma jechuun deebisanii jiru. Qoratticihi daawwannaa daree taasiseen barsiisonni kutaa keessa naanna'anii barattoota hojii manaa hojjetaniifi kan hin hojjenne addaan haa baasan malee gilgaalota barreessuu irratti dogooggora sirreessuu kan hin sirreessineef ta'uu isaanii mirkaneeffatee jira. As irraa kan hubatamu, barattoonni jechoota Afaan Oromoo barreessuu keessatti yoo dogoggora qubeessuu uuman barsiisonni kan hin sirreessineef ta'uu isaa nutti agarsiisa.

Gabateen 4 gaaffiin 13 ffaan kan agarsiisu dogoggora qubeessuu irratti barsiisaan barattootaaf yaad-deebii ni kenna jedhu irratti barsiisonni 2(33.4%) cimseen morma, barsiisonni 3(50%) nan morma, barsiisaan 1(16.7%) immoo nan deeggara jechuun deebisanii jiru. Qorattichi daawwannaa daree taasiseen waa'ee dogoggora qubeessuu barattootaaf barsiisonni yaad-deebii kan hin kennineef ta'uu mirkaneeffatee jira. As irratti kan hubatamu, dogoggora qubeessuu barattootaaf barsiisonni harki caalu yaad-deebii kan hin kennineef ta'uu isaanii nutty mul'isa.

**Gabatee 5: Barnoota Afaan Oromoo keessatti Dogoggoraan Barreessuun Dhiibbaa Barattootarratti geessise**

| Lakk. | .Qabxii ijoo gaaffichaa | Filannoo qabxii iskeelii kenname | Baay'ina deebistootaa | Dhibbeentaa(%) |
|---|---|---|---|---|
| 14. | Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa xiqqeessee jira. | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | -- | -- |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 3 | 50 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 3 | 50 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 15. | .Yaadannoo dabtara isaanii irratti barreeffatan dubbisuu dadhabuufi ergaa isaa hubachuu dadhabuu | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 1 | 16.7 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 3 | 50 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 2 | 33.4 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |
| 16 | Yoo barsiisaan mala odibsaatiin barsiisu qabxiilee ijoo qabachuu irratti rakkatanii jiru. | 1. Cimseen morma | -- | -- |
| | | 2. Nan morma | 1 | 16.7 |
| | | 3. Hin murteessu | -- | -- |
| | | 4. Nan deeggara | 3 | 50 |
| | | 5. Cimseen deeggara | 2 | 33.4 |
| | | Ida'ama | 6 | 100 |

Akkuma gabatee 5 gaaffii 14ffaa irratti mul'atutti dogoggoraan barreessuun dandeettiin Afaan Oromoo barreessuu barattootaa xiqqaatee jira jedhu irratti barsiisonni 3(50%) nan deeggara, barsiisonni 3(50%) cimseen deeggara jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree taasiseen kutaa keessatti yaadannoo dhuunfaa yeroo qabatan jechoota Afaan Oromootti gargaaramanii barreessuu irratti hanqina qabaachuu isaanii mirkaneeffatee jira. Yaada kana irraa

wanti hubatamu, barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan dandeettiin isaan Afaan Oromootiin barreessuu gadi aanaa ta'uu isaati.

Gabatee 5 gaaffii 15ffaan kan mul'isu, dogoggoraan barreessuun barattoonni waan barreessan sana ergaa isaa hubachuu dhabuu jedhu irratti barsiisaan 1(16.7%) nan morma, barsiisonni 3(50%) nan deeggara, barsiisonni 2(33.4%) immoo cimseen deeggara jechuun deebisanii jiru. Qorattichi daawwannaa daree taasiseen barattoonni tokko tokko waan barreessan dubbisanii ergaa isaa akka himan yoo gaafataman cal jedhanii kan taa'an ta'uu isaanii hubatamee jira. As irraa kan hubatamu, baratoonni dabtara isaanii irratti kan barreessan sana ergaa isaa hubachuu kan hin dandeenye ta'uu isaaniti.

Akkuma gabatee 5ffaa gaaffii 16ffaa irraa mul'atutti, dogoggoraan barreessuun kan ka'e barattoonni qabxiilee ijoo qabachuu irratti rakkatanii jiru isa jedhu irratti barsiisaan 1(16.7%) nan morma, barsiisonni 3(50%) nan deeggara, barsiisonni 2(33.4%) cimseen deeggra jechuun deebisanii jiru. Qoratichi daawwannaa daree taasiseen barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan yeroo barsiisaan mala odibsaan barsiisu qabxiilee ijoo qabachuu irratti kan rakkatan ta'uu isaanii mirkaneeffatee jira. Isa kana irraa kan hubatamu, yeroo barsiisonni odibsaan barsiisan qabxiilee ijoo qabachuu irratti kan rakkatan ta'uu isaaniti.

### 4.2. Qaaccessa Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa

Deebiwwan af-gaaffii barsiisotaa akkaataa armaan gaditti jiruun qaacceffamanii jiru.

1. Dandeettiin baratttoonni kutaa gadi aanaatti jechoota Afaan Oromoo gara garaa qubeessuu irratti qaban hangami? Sadarkaa amma jiranitti hoo?

   Barsiisonni shan yoo deebisan dandeettiin barattoonni kutaa gadaanatti jechoota Afaan Oromoo garaa garaa qubeessuu irratti qaban gadaanadha. Sadarkaa amma irra jiran irrattis dandeettiin isaan Afaan Oromoo qubeessuu irratti qaban gadaanadha jechuun yaada isaanii ibsan. Barsiisaan tokko garuu yoo deebisu, dandeettiin isaan sadarkaa gadaanatti qaban gadaanadha; kan sadarkaa amma irra jiran xiqqoo fooyya'aadha jechuun yaada isaa ibsee jira.

   As irratti wanti hubatamu dandeettiin barattoonni kutaa gadaanattis ta'ee, sadarkaa amma irra jiranitti jechoota Afaan Oromoo qubeessuu irratti qaban gadaanaa ta'uu isaati

2. Wantoonni rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaaf sababa ta'an maal? Maal? Tarreessi.

   Gaaffii kanaaf barsiisonni 4(66.7%) yoo deebisan, barattoonni jechoota Afaan Oromoo kutaa keessatti barreessuuf shaakala gochuu dhiisuu isaanii, akkasumas seerota barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu isaaniti, barsiisaan jechoota Afaan Oromoo garagaraa qopheessuun kutaatti dubbisuun barattoonni akka barreessan (orally) gochuu dhiisuu isaati jechuun yoo bal'inaan deebisan; barsiisonni 2(33.4%) barsiisaan barattootaaf hojii manaa kennu illee dogoggora qubeessuu isaanii kan hin sirreessineef ta'uu isaati jechuun deebisanii jiru.

   As irratti wanti hubatamu, wantoonni rakkina qubeessuu barattootaaf sababa ta'uu, barattoonni shaakala gochuu dhiisuu isaanii, seerota barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu isaaniifi barsiisonni dogoggora qubeessuu barattootaa sirreessuu dhiisuu isaaniti.

3. Dogoggoraan qubeessuun barattoota irratti dhiibbaan geessise ni jiraa? Yoo jiraate dhiibbawwan kunneen maal? Maali?

   Gaaffii kana ilaalchisee, barsiisonni 6(100%) yoo deebisan eyyeen jira jedhan. Dhiibbaan barattoota irra ga'es: dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa xiqqeessee jira jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Akkasumas, barattoonni yaadannoo dabtara isaanii irratti barreeffatan irra deebi'anii dubbisuu dadhabuufi ergaa barreeffamichaa hubachuu dadhabuu isaaniifi yoo barsiisaan mala odi-ibsaatin barsiisu qabxiilee ijoo qachuurratti barattoonni ni rakkatu jechuun deebisanii jiru.

4. Barattoonni wayitii barnoota Afaan Oromootiin wal irraa baratuu? Yoo hin baranne maaliif?

   Gaaffii kanaaf barsiisonni 6(100%) yoo deebisan barattoonni wayitii Afaan Oromootin wal irraa hin baratan. Sababni isaas fedhiin isaan Afaan Oromoo barachuuf qaban baay'ee gadaanadha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

   Isa kana irraa wanti hubatamu, barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan kan wal irraa hin baranne ta'uu isaaniifi barattoota Afaan Oromoo barachuuf fedhiin isaanii kan gadi bu'e ta'uu isaati.

5. Jechoota Afaan Oromoo qubeessuu shaakalsiisuu irratti ati jechoota gara garaa qopheessuun kutaa keessatti dubbisuun barattoonni akka barreessaan (orally) ni taasifataa? Yoo hin taasifne maalif?

Gaaffii kana ilaalchisee barsiisonni 4(66.7%) yoo deebisan lakkii, hin shaakalsiisuu. Sababni isaas wayitiin barnoota Afaan Oromootiif ramadame torbanitti lama qofa waan ta'eef, yeroo gahaan hin jiru jechuun yoo ibsan, barsiisonni hafan 2(33.4%) eeyyeen ni shaakalsiifna jechuun deebisanii jiru. As irratti wanti hubatamu, barsiisonni irra caalaan isaanii barattoonni jechoota Afaan Oromoo akka shaakalan kan hin taasifne ta'uu isaaniti.

6. Gaaffii barattootaaf Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuun kutaa meeqa irraa osoo eegalee gaariidha jetta. Maalif? Jedhuuf barsiisonni jahanuu kutaa 1ffaa irraa osoo eegalee gaariidha, sababni isaas ka'umsuma irraa qubeessuu irratti bu'uura qabaatanii dhufuu waan danda'aniifi jechuun deebisanii jiru.kana irraa kan hubatamu, barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuun kan eegalu kutaa 1ffaa irraayi.
7. Gaaffii barattoonni gilgaalota shaakala barreessuu cimsan kan akka jechootaan himoota ijaaruufi keeyyata barreessuu akka hojii manaatti yoo kennamaniif yeroo mara ni hojjetuu? Yoo hin hojjenne maalif? jedhuuf barsiisonni 4(66.7%) yoo deebisan lakkii, hin hojjetan. Sababni isaas fedhiin isaan Afaan oromoo barachuuf qaban baay'ee gadaanadha jechuun yaada isaanii yoo ibsan, barsiisonni 2(33.4%) eeyyeen ni hojjetu jechuun deebisanii jiru. As irratti wanti hubatamu, barattoonni irra caalaan isaanii hojii manaa kennameef kan hin hojjenne ta'uu isaaniti
8. Gaaffii barattoonni jechootaan himoota ijaaruufi keeyyata barreessuu keessatti yoo dogoggora qubee uuman ni sirreessitaafii?, yoo hin sirreessine maalif? Jedhuuf barsiisonni 6(100%) lakkii hin sirreessinuuf. Sababni isaatis barreeffamni isaanii ifa waan hin taaneef dubbisuun qubeessuu isaanii sirreessuun rakkisaadha jechuun deebisanii jiru. Kana irraa kan hubatamu, barsiisonni dogoggora qubeessuu barattootaa kan hin sirreessine ta'uu isaaniti.
9. Gaaffii rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa fooyyessuuf maaltu raawwatamuu qaba? Jedhuuf barsiisonni akka armaan gadiitti deebisanii jiru.
   a. Jalqaba faayidaa afaan barachuu hubachiisuu
   b. Seerota barreeffama Afaan Oromoo sirriitti barsiisuu
   c. Jechoota Afaan Oromoo qubeessuun dhaggeeffatanii akka barreessan shaakalsiisuu
   d. Kan barreessan ilaaludhaan dogoggora isaanii itti himuu
   e. Yoo dogoggoranii qubeessanillee hamilee isaanii eeguun jajjabeessuu
   f. Duub-deebii kennuu

g. Barsiisaan barattoota rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo qaban addaan baasuun, barattoota kanneenif deeggarsa gochuu
h. Barattoonni fedhii barnoota Afaan Oromoo akka horatan kakaasuufi onnachiisuudha.

## 4.3. Qaacessa Qormaataa fi Qabxii Barattootaa

Barattoota bara barnootaa 2012 A.L.I kutaa 10^ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan keessaa akka iddattootti filataman barattoota 40f qormaanni jechoota, himootaa fi keeyyata dhaggeeffatanii barreessuu kennameefii jira. Haaluma kanaan, qormaanni barreeffama isaanii bifa armaan gadiitin qaacceffamee jira.

### 4.3.1. Qaaccessa Qormaata Jechoota Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa

Qoratichi barattoota baay'inni isaanii 40 ta'an jechoota Afaan Oromoo adda addaa 20 ta'an dhaggeeffatanii akka barreessan dubbiseefii qoree jira. Kan barattoota 40 keessaa kan barattoota afur qofa fudhachuun akka armaan gadiitti qaaccessee jira. Sabaabni kan barattoota afurii qofa qaaaccessameef kan barattoota hundaa qaacceessuun yeroofi baasii hedduu waan fudhatuufi.

#### 4.3.1.1. Jechoota Barattoonni Qubeessuu irratti dogoggoraniifi Kan Sirriitti Qubeeffaman Waliin

**Gabatee 6: Jechoota Barattoonni Qubeessuu irratti dogoggoraniifi Kan Sirriitti Qubeeffaman Waliin**

| Lakk. | Jechoota dogoggoraan qubeeffaman | | Akkaataa sirrii ta'een yoo qubeeffaman | Hiika isaanii |
|---|---|---|---|---|
| | Kan barataa 1ffaa | Kan barataa 2ffaa | | |
| 1 | qolaa | qalaa | qola | cover |
| 2 | bagaa | begaa | baga | well |
| 3 | ebo | aaboo | eeboo | spear |
| 4 | ada | adda | aadaa | culture |
| 5 | samuu | sumuu | sammuu | brain |
| 6 | bokaa | bukaa | bokkaa | rain |
| 7 | jilibaa | gelba | jilba | knee |
| 8 | halikanii | hekne | halkan | night |
| 9 | room'uu | ro'u | rom'uu | sheavering |
| 10 | Saa'a | s'a'a | sa'a | cow |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 11 | baraa | Bar | bara | Year |
| 12 | ganma | gana | ganama | Morning |
| 13 | mtaa | mta | mataa | Head |
| 14 | soda | sodaa | soddaa | -- |
| 15 | bona | bonaa | boonaa | Crougeous |
| 16 | Harima | harimaa | harma | Breast |
| 17 | morim | morimuu | morma | Neck |
| 18 | boo | bo’o | bo’oo | Line |
| 19 | Ree’e | r’e’e | re’ee | Goat |
| 20 | baran | Barnaa | barana | This year |

Akkuma gabatee armaan olii irraa ilaalamutti, barattoonni jechoota sagalee gabaabaa of keessaa qaban dheeressuun kan dheeratan immoo gabaabsuun, kan jabaa ta’an immoo dheeressuun, irra butaa kan of keessaa qaban irratti immoo qubee dubbachiiftt (i) iddoo maleetti galchuun akkasumas, mallattoo hudhaa (‘) iddoo isaa maleetti kaa’uun jechoota dogoggoraan qubeessanii jiru. Kun immoo jechoota irratti jijjiirama hiikaa kan fiduufi darbees hiikaa dhabeessa isaan taasisa. Kana irraa kan hubatamu, barattoonni jechoota Afaan Oromoo sirriitti qubeessuu irratti hanqina guddaa qabaachuu isaaniti.

#### 4.3.1.2. Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta’een Qubeeffaman Waliin

**Gabatee 7: Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan Qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta’een Qubeeffaman Waliin (Barataaa 3 ffaa)**

| Lakk. | Jechoota sirriitti qubeeffaman | Jechoota dogoggoraan qubeeffaman | Akkaataa sirrii ta’een yemmuu qubeeffaman | Hiika isaanii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | --- | qolaa | qola | cover |
| 2 | baga | --- | baga | well |
| 3 | eeboo | --- | eeboo | spear |
| 4 | aadaa | --- | aadaa | culture |
| 5 | --- | saammuu | sammuu | brain |
| 6 | --- | bookaa | bokkaa | rain |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 7 | --- | jiilba | jilba | knee |
| 8 | --- | halkanii | halkan | night |
| 9 | --- | Rom’u | Rom’uu | sheavering |
| 10 | Sa’a | --- | Sa’a | cow |
| 11 | bara | --- | bara | year |
| 12 | ganama | --- | ganama | morning |
| 13 | mataa | --- | mataa | head |
| 14 | soddaa | --- | soddaa | --- |
| 15 | boonaa | --- | boonaa | crougeous |
| 16 | harma | --- | harma | breast |
| 17 | morma | --- | morma | neck |
| 18 | -- | boo’o | bo’oo | line |
| 19 | re’ee | --- | re’ee | goat |
| 20 | barana | --- | barana | this year |

**Gabatee 8: Jechoota Barattoonni Sirriitti Qubeessan, Dogoggoraan qubeessaniifi Akkaataa Sirrii Ta’een Qubeeffaman Waliin (Barataaa 4 ffaa)**

| Lakk. | Jechoota sirriitti qubeeffaman | Jechoota dogoggoraan qubeeffaman | Akkaataa sirrii ta’een yemmuu qubeeffaman | Hiika isaanii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | qola | -- | qola | cover |
| 2 | baga | -- | baga | Well |
| 3 | eeboo | -- | eeboo | spear |
| 4 | aadaa | -- | aadaa | culture |
| 5 | -- | samuu | sammuu | brain |
| 6 | bokkaa | -- | bokkaa | rain |
| 7 | jilba | -- | jilba | knee |
| 8 | halkan | -- | halkan | night |
| 9 | -- | romm’uu | Rom’uu | sheavering |
| 10 | Sa’a | -- | sa’a | cow |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 11 | Bara | -- | bara | year |
| 12 | Ganama | -- | ganama | morning |
| 13 | Mataa | -- | mataa | head |
| 14 | -- | sodda | soddaa | -- |
| 15 | Boonaa | -- | boonaa | corogeous |
| 16 | Harma | -- | harma | breast |
| 17 | Morma | -- | morma | neck |
| 18 | -- | bo’o | bo’oo | line |
| 19 | Re’ee | -- | re’ee | goat |
| 20 | -- | barana | barana | this year |

Akkuma ragaa armaan olii irraa hubatamutti, barattoonni jechoota sagalee gabaabaa qaban gabaabsuu, kan dheerachuu qaban dheeressuun akkasumas, hudhaa (‘) iddoo itti galuu qabutti galchuun jechoota muraasa ta’an sirriitti yoo barreessan jechoota muraasa isaanii dogoggoraan qubeessanii jiru. Kana irraa kan hubatamu, barattoonni qubeessuurratti rakkina kan qaban ta’uusaaniti.

### 4.3.2. Qaaccessa Qormaata Himoota Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa

Qoratichi barattoonni baay’inni isaanii 40 ta’an himoota adda addaa 10 dhaggeeffatanii akka barreessan dubbiseefii qoree jira. Barattoota kanneen keessaa kan barattoota afurii (4) qofa fudhachuun akka armaan gadiitti qaaccessee jira.

#### 4.3.2.1. Himoota barattootaan dogoggoraan barreeffaman

Barataa 1 $^{ffaa}$

1. beeroon bataata
2. baadaan gara Adamaa deeme
3. booJaan kutaa Isaa keessaa tokkoffa baayyee
4. Alamuun hiriyama Isaati
5. W kuun ni gaadaa garaa Hoospitalaa fchee demee
6. Ani baartaa kutaa kuurefaa
7. Boruu kotuu naa elaa

8. Sooratee hiratuan
9. Jiimaa faadha
10. baraan Hojiin Jiraan

Barataa 2 ffaa

1. birraan bertaadh.
2. Bedhadhan gra adame demee
3. Bujaan kuuta isaa kessa Tokkofaa ba'e
4. Alemun Hiriweta Isatiin Galetimaan
5. Waqani dh.ngidh gera Haspital Fichi demee
6. Ani bartaa kuuta 10 ffati
7. Boruu kotuu Ni laalee
8. Sorretin hirumetii
9. Jimaan F kodha
10. berna hagini Giraana

akkuma himoota (kan barataa 1ffaa fi barataa 2ffaa) armaan olii irratti mul'atutti, himoota yoo barreessan jalqaba hima tokko tokko irratti qubee xixiqqaadhaan eegalanii dhuma himoota hundaa irratti immoo mallattoo tuqaa osoo hin fayyadamin himoota goolaban. Akkasumas, qubee gurguddaa fi xixiqqaa wal keessa makuun itti fayyadamuu isaaniifi dogoggoraan jechoota kan barreessan ta'uu isaanii ni hubanna.

Barataa 3 ffaa

1. Biraan bartaa dha.
2. Badhadhaan gara Adama deeme.
3. Bojaan kutaa isaa keessa 1 ffaa bahe.
4. Alamuu hiryoota isatiin jalatamaa dha.
5. Waqoon engadha gara hoospitalaa fiche deeme.
6. Ani brataa kutaa 10 ffaa tii.
7. Boru kootuu nil ala.
8. Sooreen hirmtee
9. Jimaan fagaadha.
10. Baran wojiin jiraan.

Barataa 4 ffaa

1. Biraan baratadha.
2. Baddaan gara adama deeme.
3. Bogaan kutaa isa keessa tokkofaa baha.
4. Alamuu hirriotaa isatin galatamaadha.
5. Waaqoon dheen gara hosipalaa Fichaa deeme.
6. Ani barata kutaa 10ffa ti
7. Boruu kotuu ninali.
8. Sorraatin herumte
9. Jimman fagoodha.
10. Baranaa wajjin jiranaa.

Akkuma himoota gubbaatti barreeffaman kanneen irraa hubatamutti, barattoonni hima haaraa yoo jalqan qubee guddaatti fayyadamuun dhuma irratti mallattoo tuqaa fayyadamanii jiru. Haa ta’u malee, barreeffama barattootaa kana keessattis dogoggorri qubeessuu ni mul’ata. Walumaagalatti barattoonni jechoota Afaan Oromoo sirriitti qubeessuu irratti kan rakkatan ta’uu isaanii ni hubanna.

Himoota Sirreeffamanii Barreeffaman

1. Birraan barataadha.
2. Badhaadhan gara Adaamaa deeme.
3. Bojaan kutaa isaa keessaa 1ffaa bahe.
4. Alamuun hiriyoota isaatiin jaalatamaadha.
5. Waaqoon dheengadda gara Hoospitaala Fiichee deeme.
6. Ani barataa kutaa 10 ffaa ti.
7. Boru koottuu na laali.
8. Soorettiin heerumte.
9. Jimmaan fagoodha.
10. Barana wajjin jiraanna.

### 4.3.3. Qaaccessa Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa

Qoratichi barattoota afurtamaaf (40) keeyyata tokko mata-dureen isaa’Addooyyee’ jedhu dhaggeeffatanii akka barreessan dubbiseefii qoree jira. Sana booda, kan barattoota lamaa qofa fudhachuudhaan akka armaan gadiitti qaaccessee jira.

#### 4.3.3.1. Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa (Barataa 1ffaa)

**Addiooyyoo**

dhalama irgaa Adugna kanaa nufee gori grari keraa Adaa adaa kara Adatin ttin walu naman weeluqulee mitii kesaas wel jaaleetuun, weleeti frooma, Aroma goru, walJubunis. Weelfii saalaatiin humorttin. Seedeerkaa Benootaa, naannoon, sobuumaan, hoJin kkf niiweeliitii puruun hiromuu ykn deeow haaluu koniis weliittii dhufeeyi leemootaa seederkaa Adaa Adaa Akaqeebaa taasiisaa keenaafuu, leemunit Ediitii fuureemuun yookeen hiroomuun fddaamuu hiraabaa Abaa tuuJuun leemeen raamadaa Adda tumuu dhanaa kuniis huuduu woogaa metaa foofii pee Boowaan eflii, hameen mutaa gaanwaan keessesti lemaa yaadaa Amaalaanaa wane geeti cddleeti fileetuu.

Akkuma barreeffama kana irraa hubatamutti, barattoonni keeyyata dhaggeeffatanii barreessan keessatti dogoggorri jechootaa sirnaan qubeessuu, sirna tuqaalee kan akka qoodduufi tuqaa ( buufata himaa) iddoo barbaachisanitti seeraan fayyadamuu dhabuu, qubee gurguddaa fi xixiqqaa wal keessa makuun barreessuun bal’inaan mul’atee jira. Kanamalees, keeyyatichi waan hin dubbifamneef, ergaa isaatillee hubachuuf rakkisaa ta’uu isaati. Fkn, dhalama irga Adunya kanaa nufee gori….walu namaan.

#### 4.3.3.2. Qormaata Keeyyata Dhaggeeffatanii Barreessuu Barattootaa (Barataa 2ffaa)

Dhuli namaa erga gara Adunyaa kun hufee jiruf jirtnya eegale, karaa adda addaatiin walquunama. Walquunamutamtii kan keesaas wal jalaachuu, walti hromon akuma jiru waljibuunis, wal iraa baqachuuni jira. Namooni walfakkenyaa salaatiin, umriitiin, saddarkaa barnootaafii, nanoon, sabumaan, hojiifi kkkf in walitii dhufuu hiryoemuu yokiin firoomuu dhandhuu. Hali kuniis waalitii dhufeenyee namootaa saddarkaa adda addaa akaa qabaatu taasisa. Kanaafuu, nama hundatii firoomuuni yookiin hiryoomuun hin dandamuu. Hiriiyaa baffachuu namaraa gara namatii adda ta’u dandaa. Kuniis huundu holagaa mataa ofii qaba isaanteef. Namnii hundu ulagawaa isaa keessatti nema yyaadefi amalaan waligalaan caalaatti filatu.

Akkuma barruu armaan olii irraa ilaalamutti, barattoonni keeyyata dhaggeeffatanii barreessan keessatti dogoggorri jechoota seeraan qubeessuu, darbee darbees qub-guddeessa iddoo barbaachisutti fayyadamuu dhiisufii qubee gurguddaa fi xixiqqaa wal keessa makuun fayyadamanii jiru.

#### 4.3.3.3. Keeyyata Sirreeffamee Barreeffame

Keeyyatoonni barattoota lamaanuu yoo sirreeffamanii barreeffaman akka armaan gadiitti ta'a.

**Addooyyee**

Dhalli namaa erga gara addunyaa kana dhufee jiruufi jireenya eegalee, karaa adda addaatiin wal qunnama. Wal qunnamtii kana keessaas wal jaalachuu, walitti firoomun akkuma jiru wal jibbuunis, wal irraa baqachuunis ni jira. Namoonni walfakkeenya saalaatiin, umriitiin, sadarkaa barnootaatiin, naannoon, sabummaan, hojii fi kkf walitti dhufuun hiriyoomuu ykn firoomuu danda'u. Haalli kunis walitti dhufeenyi namootaa sadarkaa adda addaa akka qabaatu taasisa. Kanaafuu, nama hundatti firoomuun ykn hiriyoomuun hin danda'amu. Hiriyaa baafachuun nama irraa gara namaatti adda ta'uu danda'a. kunis hunduu ulaagaawwan isaa keessatti nama yaadaafi amalaan waliigalan caalatti filatu

Maddi: Barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 9ffaa fuula16 irraa kan fudhatame.

## 4.4. Qabxii Qormaata Barattootaa

Qorannoo kana keessatti qormaanni jechoota dhaggeeffatanii qubeessuu, himoota ijaaruufi keeyyata barreessuu barattootaa kutaa 4.3.1.1-4.3.3.1 keessatti ilaalamee qaacceffamee jira. Kutaa itti aanu kana keessatti immoo qabxii qormaata barattootaafi qaaccessa isaatu dhiyaata.

### 4.4.1 Qabxii Qormaata Barattootaa Kan Marsaa Sadii

**Gabatee 9: Qabxii Qormaata Barattootaa Kan Marsaa Sadii**

| Lakk | Marsaa 1ffaa 20% | Marsaa 2ffaa 20% | Marsaa 3ffaa 20% | Ida'ama 60% | 100% | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | 5 | 7 | 8 | 20 | 33 | |
| 2 | 0 | 4 | 5 | 9 | 16 | |
| 3 | 6 | 8 | 9 | 23 | 38 | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | 6 | 7 | 8 | 21 | 35 | |
| 5 | 1 | 4 | 6 | 11 | 10 | |
| 6 | 2 | 6 | 7 | 15 | 25 | |
| 7 | 2 | 5 | 7 | 14 | 23 | |
| 8 | 9 | 10 | 10 | 29 | 48 | |
| 9 | 6 | 7 | 6 | 19 | 32 | |
| 10 | 0 | 4 | 6 | 10 | 17 | |
| 11 | 2 | 3 | 6 | 11 | 10 | |
| 12 | 1 | 4 | 7 | 12 | 20 | |
| 13 | 1 | 4 | 5 | 10 | 17 | |
| 14 | 2 | 4 | 6 | 12 | 20 | |
| 15 | 3 | 5 | 4 | 12 | 20 | |
| 16 | 2 | 4 | 6 | 12 | 20 | |
| 17 | 1 | 3 | 4 | 8 | 13 | |
| 18 | 2 | 4 | 5 | 11 | 10 | |
| 19 | 1 | 3 | 5 | 9 | 15 | |
| 20 | 1 | 4 | 4 | 9 | 15 | |
| 21 | 15 | 10 | 9 | 34 | 57 | |
| 22 | 12 | 9 | 8 | 29 | 48 | |
| 23 | 12 | 8 | 7 | 27 | 45 | |
| 24 | 13 | 8 | 7 | 29 | 48 | |
| 25 | 3 | 5 | 4 | 12 | 20 | |
| 26 | 6 | 7 | 5 | 18 | 35 | |
| 27 | 5 | 6 | 4 | 15 | 25 | |
| 28 | 5 | 4 | 3 | 12 | 20 | |
| 29 | 3 | 2 | 3 | 8 | 13 | |
| 30 | 9 | 10 | 9 | 29 | 48 | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 31 | 8 | 7 | 6 | 21 | 35 | |
| 32 | 10 | 9 | 8 | 27 | 45 | |
| 33 | 11 | 8 | 8 | 27 | 45 | |
| 34 | 12 | 7 | 6 | 25 | 42 | |
| 35 | 11 | 9 | 8 | 28 | 47 | |
| 36 | 9 | 7 | 6 | 22 | 37 | |
| 37 | 8 | 6 | 5 | 19 | 32 | |
| 38 | 7 | 5 | 4 | 16 | 27 | |
| 39 | 4 | 3 | 2 | 9 | 15 | |
| 40 | 5 | 4 | 3 | 12 | 20 | |

#### 4.4.1.1. Qaaccessa Qabxii Qormaata Barattootaa

**Gabatee 10: Qaaccessa Qabxii Qormaata Barattootaa**

| Lakk | 100% keessaa 10-35 baay’ee gadaanaa | | | 100% keessaa 36-49 gadaanaa | | | 100% keessaa 50-69 giddu-galeessa | | | 100% keessaa 70-85 ol’aanaa | | | 100% keessaa 86-100baay’ee ol’aanaa | | | yaada |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Dhi | Du | ID | Dhi | Du | ID | Dhi | Du | Id | Dhi | Du | Id | Dhi | Du | Id | |
| | 5 | 23 | 28 | 2 | 9 | 11 | 1 | -- | 1 | -- | -- | -- | -- | -- | -- | |

Akkuma gabatee 10 ffaa armaan olii irraa hubatamutti qabxiin qormaata barreeffama barattoota 40 100% yoo shallagamu, qabxiin barattoonni dhi 5 dub 23 ida’ama 28 sadarkaa baay’ee gadaanaa keessa yoo jiru, barattoonni dhi 2 fi dub 9 ida’ama 11 ta’an immoo qabxiin isaanii sadarkaa gadaanaa keessatti argama. Qabxiin barataa dhiira 1 qofti sadarkaa giddugaleessa keessatti argama. Kun immoo kan nutti agarsiisu barattoonni jechoota Afaan Oromoo sirriitti qubeessuu irratti hanqina guddaa kan qaban ta’uu isaaniti.

## 4.5. Dookumantii Sakatta'uu

Kutaa kana keessatti rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu barattootaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf dabtarri barattootaa, yaadannoon barsiisaafi barreeffamoonni yeroo qormaataa dhaggeeffatanii akka barreessan qorataan isaan qore akka meeshaa funaansa ragaatti fayyadanii jiru. Kanuma bu'uura godhachuudhan qoratichi daawwannaa daree yeroo adda addaatti taasiseen dabtara barattootaa yeroo sakatta'u, barsiisonni hojii barattootaaf kenname hordofuun dabtara isaanii kan hin ilaalle ta'uu isaaniti. Akkasumas qoratichi qormaata jechoota, himoota ijaaruufi keeyyata dhaggeeffatanii akka barreessan afaaniin dubbiseefii barruu isaanii keessatti, jechoota Afaan Oromoo garaa garaa seeraan qubeessuurratti barattoonni hanqina guddaa kan qaban ta'uu isaanii hubatamee jira.

Qoratichi qaaccessa ragaalee dhiyaatanirratti hundaa'udhaan argannoowwan isaa boqonnaa 5 ffaa keessatti teessisee jira.

# BOQONNAA SHAN

## 5. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

### 5.1 Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoota Mana Barumsa Sad. 2ffaa Shanoo kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaluudha. Ka'umsi qorannichaas barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan jechoota Afaan Oromoo seeraan qubeessuu irratti hanqina guddaa waan qabaniifi.
Waan kana ta'eef, qoratichi qorannoowwan walfakkaataniifi kitaabilee adda addaa dubbisuun qorannicha gaggeessee jira. Akkasumas, kaayyoo kana galmaan ga'uuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname kan akka bar-gaaffii, af-gaaffii, daawwannaa daree, qormaataafi dookumantii sakatta'uu fayyadamuun qorannoon kun adeemsifamee jira.

Kana irratti hundaa'uun, bar-gaaffiwwan barsiisota jahaaf (6) raabsamanii hunda isaanii deebistoota irraa erga funaanamanii booda, gabateetti fayyadamuun dhibbeentatti jijjiiramanii hiikni itti kennamee jira. Akkasumas, qoratichi af-gaaffiwwan barsiisota jahaaf (6) diyeessee yaada isaan irraa argate qaaccessuun hiikaa itti laatee jira. Odeeffannoon qorannichaa malleen akkamtaafi hammamtaan ibsamee jira. Dhuma irratti odeeffannoo iddattoowwan kennan irratti hundaa'uudhaan ragaalee qorannoo kana keessatti ibsaman irraa argannoowwan armaan gadiirra gahamee jira

- Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan dandeettiin isaan jechoota Afaan Oromoo qubeessuu irratti qaban gadaanaa ta'uu isaa.
- Wantoonni rakkina qubeessuu barattootaaf sababa ta'an: barattoonni jechoota Afaan Oromoo barreessuuf shaakala gochuu dhiisuu isaanii, seerota barreeffama Afaan Oromoo (jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaa, jabaafi wkkf) addaan baasanii beekuu dhabuu isaanii,
- Dogoggoraan barreessuun dhiibbaawwan akka: dandeettiin barattoonni Afaan Oromootiin barreessuu qaban xiqqaachuu isaa; wanta barreessan sana dubbisuu dhabuufi ergaa isaa hubachuu dhabuu isaanii; yeroo barsiisonni afaanicha mala od-ibsaan barsiisan barattoonni qabxiilee ijoo qabaachuurratti garmalee kan rakkatan ta'uu isaanii.

- Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan harki caalu Afaan Oromoo barachuuf fedhii kan hin qabne ta'uu isaanii,
- Rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa fooyyessuuf barsiisonni, barattoota qubeessuu shaakalsiisuu irratti jechoota Afaan Oromoo garaa garaa qopheessuun kutaa keessatti dubbisaniifi barattoonni akka shaakalan gochuu dhiisuu isaanii; barattoota rakkina jechoota Afaan Oromoo qubeessuu qaban addaan baasuu dhiisuu isaanii fi barattoota kanneenis kan hin deeggarre ta'uu isaanii;

### 5.2 Yaboo

Argannoowwan qorannoo kanaa bu'uura gochuun rakkinoota eeraman furuuf, qorataan qabxiilee yaada furrmaataa ta'uu danda'an jedhee yaade akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

- Barsiisonni barattoota jechoota Afaan Oromoo qubeessurratti dandeettii gadaanaa qaban addaan baasuun kophaatti barumsa tuutooriyaalii osoo kennaniifii gaaridha;
- Barsiisonni tooftaawwan garaa garaatti fayyadamuun fakkeenyaaf, jechoota Afaan Oromoo adda addaa qopheessuun kutaa keessatti barattootaaf dubbisuun barattoonni qubeessuu akka shaakalan osoo taasisanii gaaridha.
- Barattoonni seerota barreeffama Afaan Oromoo akka beekan, barsiisonni seerota kanneen gadi fageenyaan osoo barsiisanii misha;
- Barattoonni fedhii barnoota Afaan Oromoo barachuu akka horatan barsiisonni osoo jajjabeessanii gaaridha;
- Rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo  barattootaa fooyyessuuf barsiisonni:
    - Jalqaba barattoota faayidaa Afaan barachuu osoo hubachiisanii;
    - Barreeffamoota barattootaa ilaalanii dogoggora isaanii itti himuun, dogoggoricha osoo sirreessaniifii gaaridha;
    - Barattootaaf duub-deebii osoo kennanii gaariidha;
    - Barattoonni dogoggora qubeessuu yoo uumanillee itti dallanuurraa ofitti qabuun hamilee isaanii osoo eeganii gaariidha;

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa. (2018). Semmoo*: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.  , Far East Trading PLC.

____________ (2011). *Natoo: Yaad-rimee Caas-luga Afaan Oromoo*

Amaan Adamiifi Bahiruu Darribee (2006). *Rooyaal Barnoota Afaan Oromoo*. Maxxansa 3ffaa. Finfinnee

Asaffaa Tafarraa. (2009*). Eela.Seenaa Barruu Oromoo*. Far East Trading PLC.

Balaay Shifarraa .(2007). "*Dandeettii Barreessuu Gabbifachuu Keessatti Rakkoolee Barattoota Kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan.* Mana Barumsa Sad. 2ffaa Cilaaloo (Asallaa)."  Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (kan hin maxxanfamne)

Beekaan Gulummaa (2015). *Tuujub: Saayinsiifii Dandeettiwwan Afaanii.* Finfinnee.

Biiroo Barnoota Oromiyaa (2005). *Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo*: Kitaaba Barataa kutaa 9ffaa. MK Publisher Ltd. Kampala-Uganda.

Borich, Gray D. (1996). *Effective Teaching Method.*

Brown, D. (1994). *Principle Of Language Learning and Teaching*. 3rd edition. USA. Prentice Hall Regents.

Byrne, D. (1988). *Teaching-writing Skills.* London: longman group unlimited.

Crstal, D. (1987). *The Cambrdge Encyclopeda of language*. Cambrige: Cambrige University Press.

Darribee Ayyalaa. (2002). " *Qabatamtoota Dandeettii Dubbisuu Barattootaa Xiqqeessan."* Yuunivarsiitii Adaamaa. Waraqaa Qorannoo Digrii 1ffaa (kan hin maxxanfamne).

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*: Maxxansa 2ffaa dhaabbata Maxxansa Boolee. Finfinnee.

Fiqaaduu Beldaa.(2010). " Analysis of Spelling and Grammer Errors of Teaching Materials Prepared for Afan Oromo Students". MA Thesis Addis Ababa University (un published).

Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Addis Ababa. Dhaabbata maxxansa kurraz intarnaashinaal.

_____________. (2011). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*: Maxxansa 3ffaa, Addis Ababaa. Dhaabbata maxxansa kurraaz intarnaashinaal.

______________. (2018). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Dhaabbata maxxansa kurraaz intarnaashinaal. Finfinnee

Geetaachoo Addunyaa. (1992). *Dogoggora Barreeffamaa. Wiirtuu jildii-5.* Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo. Dhaabbata maxxansa daldalaa. Finfinnee

Indaalaa Girmaa. (2016). "*Xinxaala hirmaannaa barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan.*Mana barumsa sad. 2ffaa Cilaaloo (Asallaa)." Yuunivarsiitii Addis Ababaa. Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa (kan hin maxxanfamne).

Little Wood, W.t (1985). *Foreign and 2nd language teaching*: New York: Cambridge university press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Kattaa: ogummaa barreessuu*. Finfinnee

Mudd, Norma (1983). *Effective Spelling.* London: St Ed muns bury press Ltd.

Norrish, J. (1993). *Language learners and their errors.* Hong Kong. Macmillan publisher Ltd

Nunan, D. (2007). *Syllabus. Oxford*:oxford university press.

Pincas, A. (1982). *Teaching English writing*. London: macmillan publisher.

Rabbirraa Tafarraa. (2011). *Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo*. Maxxansa 2ffaa. Finfinnee

Riames, A. (1983). *Techniques in teaching writing*. New York. Oxford university.

Richards, J.C (1974). *Error Analysis. Approaches and methods in language teaching.* Cambridge. Cambridge university press.

Sanbatuu Bashaafi TasfaayeeWarqee. (1993). *Qubee Afaan Oromoo*. Finfinnee

Tafarii Ayyaanaa .(1998). *Afaan Oromoo Kutaa7-10*. Maxxansa 1ffaa. Finfinnee.

Toleeraa Tasammaa .(2016). "*Ogummaa barreessuu gabbifachuu keessatti rakkoolee barattoota kutaa 9ffaa muudatan: Mana Barumsa Sad. 2ffaa Gabra Gurrachaa*." Yuunivarsiitii Finfinnee. Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa (kan hin maxxanfamne).

Tolamaaram Fufaa. (2017). *Caacculee shaman dubbisuu Afaan Oromoo*. Social advertising printing. Addis Ababa, Ethiopia.

Taadiyoos Tiraamoo. (2016). "*Xinxaala hojiirra oolmaa hiika jechoota Afaan Oromoo kutaa 10 barsiisuu keessatti: manneen barnootaa sad. 2ffaa sadi Godiina Shawaa Kaabaa.".* yuunivarsiitii Finfinnee. Waraqaa qorannoo digrii 2ffaa (kan hin maxxanfamne)

## Dabalee A

## Bar-gaaffii Barsiisotaaf

Kabajamaa /ttuu/ barsiisaa/siistuu!

Gaaffileen bar-gaaffii armaan gadii barsiisota Mana Barumsa Sadarkaa $2^{ffaa}$ Shanootti Afaan Oromoo barsiisaniin kan guutamaniidha. Kaayyoon bar-gaaffii kanaas, rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoonni Mana Barumsa Sad. $2^{ffaa}$ Shanoo kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo baratan xiinxalun yaada furmaataa kaa'uudha. Isuma kanaaf ragaa guuramuuf, odeeffannoon ati kennitu baay'ee barbaachisaadha. Waan kana ta'eef, galma ga'insa qorannoo kanaaf raga sirrii ta'e amanamummaadhaan akka kennitu kabajaanan si gaafadha.

**Hubachiisa**: maqaa barreessuun hin barbaachisu. Dhuma irratti, deeggarsa ati naaf taasiftuuf galata guddaan siif dhiyeessa.

**Kutaa I: odeeffannoo waliigalaa**

Hub; odeeffannoowwan 1-4tti jiran bakka duwwaatti barreessuniifi saanduqa keessatti mallattoo 'x' guutuun deebisi.

1. Maqaa mana brumsaa__________________
2. Saala: dhiira ☐ Dubartii ☐
3. Umrii: 25-35 ☐ 36-45 ☐ 46 fi isaa ol ☐
4. Sadarkaa barumsaa: Dippiloomaa ☐ Digrii duraa ☐
   Digrii lammaffaa ☐ Kan biroo ☐

**Kutaa II: Bar-gaaffii**

Gaaffileen armaan gadii rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoota Afaan Oromooakka afaan lammaffaatti baratan irratti xiyyeeffatan. Gaaffilee gabatee keessatti dhiyaataniif kan filatte jalatti mallattoo'x' kaa'uun agarsiisi. Filannoowwan deebii (iskeelii liikartiin) dhiyaatanii jiru. Ibsa iskeelii liikartii: 1. Cimseen morma (CM) 2. Nan morma (NM) 3. Hin murteessu (HM) 4. Nan deeggara (ND) 5. Cimseen deeggara (CD)

| Lakk. | I Sababa hanqina barreessuu barattootaa irratti yaada jiru | 1 CM | 2 NM | 3 HM | 4 ND | 5 CD |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Barattoonni jechoota Afaan Oromoo kutaa keessatti barreessuun shaakala gochuu dhiisuu isaaniti | | | | | |
| 2 | Barsiisaan jechoota Afaan Oromoo tokko tokko yoo barreessu qubeessuu irratti kan dogoggoru ta'uu isaati | | | | | |
| 3 | Barattoonni seerota barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu | | | | | |
| | II. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoota barsiisuuf sochii barsiisaa | 1 CM | 2 NM | 3 HM | 4 ND | 5 CD |
| 4 | Gilgaalota shaakala barreessuu cimsan kan akka jechootaan himoota ijaaruufi keeyyata barreessuu barattootaaf hojii manaa ni kenna | | | | | |
| 5 | Barattootaaf dabtara isaanii ni ilaala | | | | | |
| 6 | Barattoonni cimdiin /gareen/ akka wal gargaaran haala mijeessee jira | | | | | |
| 7 | Qubeessuu shaakalsiisuu irratti jechoota Afaan Oromoo garaa garaa qopheessuun kutaa keessatti dubbiseefii barattoonni akka barreessan (orally) taasisee jira | | | | | |
| 8 | Barattoonni Afaan Oromoo si'aayinaan akka baratan jajjabeessuu | | | | | |
| | III. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti fedhii barattoonni Afaan Oromoo barachuu irratti qaban | 1 CM | 2 NM | 3 HM | 4 ND | 5 CD |
| 9 | Fedhiin barnoota Afaan Oromoo barachuuf | | | | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | qaban ol'aanadha | | | | | |
| 10 | Barattoota kaanirraayis ta'ee, wal irraa barachuuf fedhii guddaa qabu | | | | | |
| 11 | Hojii manaa kennameef ni hojjetu | | | | | |
| | V. Dogoggora qubeessuu barattootaa sirreessuuf sochii barsiisaa | 1<br>CM | 2<br>NM | 3<br>HM | 4<br>ND | 5<br>CD |
| 12 | Gilgaalota shaakala barreessuu cimsan yoo hojjetan dogoggora qubeessuu Afaan Oromoo ni sirreessaaf | | | | | |
| 13 | Barattootaaf yaad-deebii ni kenna | | | | | |
| | IV. Dogoggoraan barreessuun dhiibbaa barattootarratti geessise | 1<br>CM | 2<br>NM | 3<br>HM | 4<br>ND | 5<br>CD |
| 14 | Dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa xiqqeessee jira | | | | | |
| 15 | Yaadannoo dabtara isaanii irratti barreeffatan dubbisuu dadhabuufi ergaa isaa hubachuu dadhabuu | | | | | |
| 16 | Yoo barsiisaan mala od-ibsaatiin barsiisu qabxiilee ijoo ta'an qabachuu irratti rakkatanii jiru | | | | | |

## Dabalee B

## Af-gaaffii Barsiisotaaf

Kutaa I. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Maqaa mana barumsaa______________
2. Guyyaa itti gaafatame______________
3. Sa'aatii_______________
4. Saala ____________
5. Umrii ______
6. Sadarkaa barumsaa ________________

Kutaa II. Qabxiilee Ijoo Gaaffilee Af-gaaffiif Dhiyaatan

Ajaja: Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii ta'e afaanin deebisi.

1. Dandeettiin barattoonni kutaa gadaanatti jechoota Afaan Oromoo garaa garaa qubeessuu irratti qaban hangami? Sadarkaa amma jiranitti hoo?
2. Wantoonni rakkina qubeessuu barattootaaf sababa ta'an maal maali? Tarreessi
3. Dogoggoraan qubeessuun barattoota irratti dhiibbaan geessise ni jiraa? Yoo jiraate dhiibbawwan kunneen maal, maali?
4. Barattoonni wayitii barnoota Afaan Oromootti walirraa baratuu? Yoo hin baranne maalif?
5. Jechoota Afaan Oromoo qubeessuu shaakalsiisuu irratti ati jechoota gara garaa qopheessuun kutaa keessatti dubbisuun barattoonni akka barreessan ni taasiftaa? Yoo hin taasifne maaliif?
6. Barattootaaf Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuun kutaa meeqa irraa osoo eegalee gaaridha jetta? Maaliif?
7. Barattoonni gilgaalotni shaakala barreessuu cimsan kan akka jechootaan himoota ijaaruufii keeyyata barreessuu akka hojii manaatti yoo kennamaniif yeroo mara ni hojjetuu? Yoo hin hojjenne maaliif?
8. Barattoonni jechootaan hima ijaaruu fi keeyyata barreessuu keessatti yoo dogoggora qubeessuu uuman ni sirreessitaafii? Yoo hin sirreessineef maaliif?
9. Rakkina qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattootaa fooyyessuuf maaltu raawwatamuu qaba jetta? Bal'inaan ibsi.

**Dabalee C**

**Qabxiilee Mirkaneeffannaa Daawwannaa Dareef Qophaa’an**

Kutaa I. Odeeffannoo Waliigalaa

1. Maqaa mana barumsaa ________________
2. Maqaa Daawwataa ___________________
3. Guyyaa daawwii ________________Wayitii__________ Yeroo_____________
4. Kutaa daawwatame___________ Daree_______
5. Saala: Dhiira ☐ Dubartii ☐
6. Umrii: 20-25 ☐ 26-30 ☐ 31-35 ☐ 36 fi ol ☐
7. Sadarkaa barumsaa: Dippiloomaa ☐ Digrii duraa ☐ Digrii lammaffaa ☐
8. Gosa barnootaa ittiin eebbifame: Afaan Oromoo ☐ kan biroo ☐
9. Tajaajila waggaan: 3-5 ☐ 6-10 ☐ 11-20 ☐ 21 fi ol ☐

**III. Qabxii Mirkaneeffannaa Daawwii Daree**

Qoratichi marsaa daawwannaa daree gaggeessuu keessatti qabxii kutaa seene sana mirkaneeffata. Raawwatee jira yoo ta'e 'Eeyyeen' fuuldutatti mallattoo (x) kana kaa'a. yoo hin raawwanne immoo 'Lakkii' fuuldura mallattoo (x) kaa'uun adda baafata

| Lakk. | Qabxiilee Mirkaneeffannaa Daawwii Daree | Filannoo | |
|---|---|---|---|
| | | Eeyyee | Lakkii |
| 1 | Sababni hanqina qubeessuu barattoonni kutaa keessatti shaakala gochuu dhiisuu isaaniti. | | |
| 2 | Barsiisaan jechoota Afaan Oromoo tokko tokko yoo barreessu qubeessuu irratti kan dogoggoru ta'uu isaati | | |
| 3 | Barattoonni seerota barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu | | |
| 4 | Gilgaalota shaakala barreessuu cimsan kan akka jechootaan himoota ijaaruu fi keeyyata barreessuu barattootaaf hojii manaa ni kenna | | |
| 5 | Barsiisaan barattoonni hojii manaa hojjechuu isaanii dabtara isaanii ni ilaala | | |
| 6 | Barattoonni cimdiin / gareen/ akka wal gargaaran haala mijeessee jira. | | |
| 7 | Qubeessuu shaakalsiisuu irratti jechoota Afaan Oromoo garaa garaa qopheessuun kutaa keessatti dubbisuun barattoonni akka barreessan (orally) taasisee jira. | | |
| 8 | Fedhiin barattoonni barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban ol'aanadha | | |
| 9 | Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan barattoota Afaan Oromoorraayis ta'ee, wal irraa barachuuf fedhii guddaa qabu | | |
| 10 | Barattoonni hojii manaa kennameef ni hojjetu | | |
| 11 | Barsiisaan dogoggora qubeessuu barattootaa ni sirreessaaf | | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 12 | Dogoggora qubeessuu ilaalchisee barattootaaf yaad-deebii ni kenna | | |
| 13 | Dogoggoraan barreessuun dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa xiqqeessee jira | | |
| 14 | Rakkinni qubeessuu jechoota Afaan Oromoo barattoonni yaadannoo dabtara isaanii irratti barreeffatan dubbisuu dhabuufi ergaa isaa hubachuu dhabuu dha. | | |
| 15 | Rakkina qubeessutiin kan ka’e kutaa keessatti barsiisaan yoo barsiisu qabxiilee ijoo qabachuu irratti barattoonni rakkatanii jiru | | |

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hundaa haala seera qabeessaan wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa ________________________________________

Ani gorsaan baratta Darribee Ayyalaa Waraqaan Qorannoo isaa ofittisuuf (denfence) dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa gorsaa _____________________________________

Mallattoo__________________________________________

Guyyaa ___________________________________________